Ifatti Baafamuu

# Baroota Waldaa Torbanii

## Boqonnaa Afur

## Bara Waldaa Simiirnaa

Mul'ata Yohannis 2:8-11

*"Gara ergamaa waldaa Simiirnaatti, 'Ergaan kun isa duraa fi isa booddee, isa du'ee deebi'ee jiraate biraa dhufe' jedhii caafi!*

*Ergichi, 'Rakkina si irra ga'e, hiyyummaa kee, hamaa si irratti dubbachuu warra Yihudoota utuu hin ta'in, Yihudoota ofiin jedhaniis ani beeka. Ati garuu sooressa; warri Yihudoota ofiin jedhan sun immoo wal ga'ii Seexanaa ti.*

*Dhiphina isa sitti dhufuuf jiru hin sodaatin! Kunoo, seexanni, akka isin qoramtanii ilaalamtaniif isin keessaa kaan mana hidhaatti akka galfamtan gochuuf jedha; guyyaa kudhaniif rakkina argachuuf jirtu; du'a yoo sitti fide iyyuu, ati hamma du'aatti amanamaa ta'i! Ani immoo gonfoo ittiin jireenya argatan siifan kenna.*

*Namni gurra qabu, isa hafuurri qulqulluun waldoota kristaanaatiin jedhu haa dhaga'u! 'Inni mo'u du'a isa lammaffaadhaan hin miidhamu' kan jedhuu dha."*

**Seensa**

Sammuu keessan haaromsuuf jecha maqaa ergamoota baroota gara garaa bira akkamitti akka geenye ammas irra deebi'ee akeekuun barbaada. Waaqayyo fedha birmadummaa Isaatiin seenaan Waldaa Kakuu Haaraa akka hin banne mirkaneesseera, akkuma seenaan Israa'el akka hin bannetti Macaafa Qulqulluu keessa kaa'ee yeroo ammaattis macaafota maraman garaa garaatiin, meeshaalee lafa kessaa qotamanii argamaniin, hambaalee arkiyooloojistoonni argataniin mirkaneessaa jiruu ti. Dhugaadhumatti, Macaafa Qulqulluu fuula jalqabaa irraa hamma ammaatti seenaa ifatti ba'anii raawwatamaa jiran argina. Kanaafuu seenaa dubbisuudhaan nama yookiin namoota baroota garaa garaa keessa turan keessaa fakkeenya Waaqayyoo isa jalqabaa kan ta'e ergamaa Phaawulositti kan dhi'aatan baruu dandeenya. Namoonni qorataman warra Waaqayyo dhimma itti ba'ee namoota Isaa gara Dubbii Dhugaatti fide dha. Namoota sana keessaas namni tokko tokkoon tokkoon baraatiif fakkeenyaa fi humna Sagalichaa ta'ee in ka'a. Namni sunis ergamaa ta'a. Baroonnis akkasuma seenaa qorachuudhaan argamu. Namni baroota Mul'ata keessaa dubbisu tokko fakkeenya baroota sanaa akkuma jirutti seenaa keessaa argachuutu irra jiraata, EEYYEE SUN DIRQAMADHAS. Erga baroonni waldaa duraan dursamee karaa Waaqayyo dubbatame, erga haalonni isaan qaban ifatti baafamee, akka barbaachisummaa yeroo sanaatti seenaan sana hordofee dhufus akka Macaafni Qulqulluun kaa'etti ta'uutu irra jiraata. Salphaa dha; garuu immoo furtuun Sagalichaa wallaalummaa dha. Kana hundumaan immoo salphaadhumattin baratаa, qorataa seenaas ture miti, nama yaada ofii fedha Hafuuraatti hidhu ta'uuf fucha argadheen malee. Namoonni an filadhe mirkaneeffannaa Hafuura Waaqayyootiin kan filatamanidha. Kun dhugaa akka ta'es Waaqayyo keesssa garaa koo in beeka.

**Egamaa**

Ergamaa tokkoo tokkoon baraa filluuf seera Waaqayyo nuuf kennetti fayyadamuudhaan, Gooftaan Iraaniyeesiin iddichatti akka ol baasee mamii tokko malee ni labsina. Inni duuka buutuu qulqulluu guddaa fi loltuu amantii jabaa Poolikaarp ture. Akkasumas miilla nama guddaa sanaa jala taa'ee ayyaana Kristaanaa jireenya isaa irraa dhangala'uun barachaa waan tureef filamuun isaa nama hin shakkisiisu. Ifa jireenya mudaa hin qabnee keessatti yeroo ilaalamu, Pooliikaar dhugaatti qulqulloota kabajamoo baroota hundumaa keessaa nama tokko ture. Pooliikaarp akka wareegame dubbisa ofii dubbiftan irraa ni yaadattu. Akka hin baqanneef nama baay'ee dulloomaa ture, namni tokko isa dhoksuuf yaallaan booda itti gaafatama jedhee waan isaaf yaadeef dhokachuuf eyyamamaa ta'uu dide, kanaafis hamma du'aatti dabarsee of kenne. Du'uu isaatiin dura garuu obboloota isaa warra Gooftaatti qabamanii jiraniif, bulchaadhaaf, diinota isaatiif, akkasumas warra isa booji'aniif kadhachuuf hayyama sa'aatii lamaa gaafatee ture, hayyamameefiis ture. Akkuma qulqulloota gurguddoo bara hundumaa, du'aa ka'uu isa caalu hawwuudhaan cimee in dhaabate; Gooftaa ganuu diduu isaatiin yaada garaa ceephoo hin qabne qabaachuudhaan du'e. Jiraatti mukatti hidhamee(gaaffi mataa isaatiin garuu hiikamee) ibiddi itti qabsiifame. Ibiddichi garuu qaama isaa tuquu didee isa irraa achi dabe. Sana booda billaadhaan waraanamee ajjeefame. Akkuma kun raawwatamaa jiruun bishaanni cinaacha isaa keessaa yaa'ee ibidda boba'u sana dhaamse. Hafuuri isaa akka guguee adiitti qoma isaa kessaa yummuu baatu dhugumatti mul'ateera. Dhuga-ba'umsa guddaa kana hundumaa utuu qabuu garuu barataan Yohannis abbaa Mul'ataa kun sirna Niqolaawotaa mormee dura hin dhaabanne, sababiin isaas hawwiin feeloshiippii fi wanti hojii Waaqayyoo guddisuuf karoora gaarii fakkaatu kiyyoo diinaa ta'uu hubachuu dhabuu isaatiin jaarmiyaatti

hirkatee ture waan ta'eef.

Iraaniyees garuu akkas hin turre. Inni jaarmiyaa kamuu mormee dura dhaabate. Seenaa jireenya isaa keessatti iddoo Gooftaa itti tajaajile hundumaatti mul'inni Hafuura Qulqulluu hedduun isarratti ta'eera; Dubbiin Waqayyoos ifa kanaan dura hin baratamnee fi seera isaa isa jalqabaa wajjin wal simuun barsiifameera. Isaan keessaa waldaan isaa Faransaayitti argamtu kennaa Hafuura Qulqulluutiin beekamti turte. Qulqulloonni afaan haaraadhaan in dubbatu, in raaju, du'aa in kaasu, kadhannaa amantiitiin dhukkubsattoota in fayyisu turan. Inni balaa jaarmiyaan obbolummaa kamuu jaarsolii, paasterootaa fi kkf gidduutti qabu hubateera. Inni waladaa naannoo ishee tokkummaa qabdu, ishee Hafuuraan guutamte, ishee kennaan hafuuraa keessatti mul'atee wajjin cimee dhaabate. Humni Waaqayyoo qulqulloota gidduutti waan mul'ateefis Waaqayyo isa ulfeesse.

Waaqummaa (Godhead) irrattis inni hubannaa ifa ta'e qaba ture. Inni bartuu Pooliikaarp waan tureef, Pooliikaarp immoo bartuu Qulqulluu Yohannis waan tureef, dhimma kana irratti barsiisa mudaa hin qabne barsiisaa akka ture hubachuu dandeenya. Kitaaba "Ante-Nicene Fathers" jedhamu jildii 1ffaa, fuula 412 irratti Waaqummaa ilaalchisee yaadni isaa kaa'amee jira. "Ibsitoonni biroon hunduu, akkasuma maqaa kabajaa tokkoo fi uumamuma sana ifatti baasu. Gooftaa Aango Qabeessa, Gooftaa, Abbaa Hundumaa, Waaqayyo Hundumaa Danda'u, Hunda Gararraa kan jiraatu, Uumaa, Tolchaa fi kana kan fakkaatan maqaalees ta'e maqaalee kabajaa uumama wal duraa duuba jiranii ibsu utuu hin ta'in waanuma tokkicha kan ibsani dha" jedhee kaa'e. Isaan kun akkuma Arfaasee Dachaa Keessaa, Bakkalcha Barii, Michuu Dimaa Bareedaa Isa Namoota Kuma Kudhan Kessatti Iyyuu Mul'atu fi kkf akka ta'an, inni ifatti lafa kaa'eera. WAAQAYYO TOKKICHA malee homtinuu hin jiru. Maqaan Isaas Gooftaa Yesus Kristos dha.

Kanaafuu Sagalichaa cimsee qabachuu isaatiin, hubannoo ajaa'ibaa Caaffata Qulqulla'oo irratti qabaachuu isaatiinii fi humni Waaqayyoo tajaajila sanarratti argamuun, nama bara sanaaf filamu isa sirrii isa taasisa. Walumaa galatti ergamoonni bara kaanii madaallii ija hojii, humna, geggeessaa Hafuura Qulqulluu fi Sagalicha wal faana qabaachuutti hin carroomne.

**Simiirnaa**

Magaalaan Simiirnaa Efesoon irraa xiqqoo gara bahaatti qarqara galoo galaanaa Simiirnaatti argamti turte. Buufata doonii baay'ee mijaawaa waan qabduuf wiirtuu daldala al-ergiitiin beekamtuu turte. Manneen barnoota afaanii, filoosoofii, fayyaa, saayinsii fi ijaarsaatiinis addatti beektuu turte. Yihudoonni hedduun achi jiraataa kan turan yummuu ta'u warra Roomaa caalaatti hadheeffatanii kiristaanummaa mormaa turan. Dhugaa dubbachuuf, Poolikaarp bishooppii Simiirnaa jalqabaa Yihudootaan wareegame yoo ta'u, Yihudoonni qoraan reeffa isaa ittiin guban baachuu isaaniitiin guyyaa qulqulluu isaanii (Sambata duraa) xureessan jedhame.

Simiirnaa jechuun "hadhaa'aa" jechuu yummuu ta'u, innis jecha qumbii (myrrh) irraa kan madde dha. Qumbiin reeffa ittiin goggogsuuf gargaara ture. Kanaafuu maqaa bara kanaa kan hiika dachaa qabu arganna. Barichi bara hadhaa'aa du'aatiidhaan guutuu ture. Wayiniin lamaan fireemwoorkii waldattii keessa jiran sababa hadhaa'ummaan wayiniin sobaa isa dhugaa irratti gootu dabalaa deemeef lachuu walirraa fagaachaa deeman. Duuti sanyii wayinii sobaa qofa keessa ture miti, muka wayinii dhugaa keessattillee sababaaba dhugaa hin xuroofne isa waggoota muraasa jalqabbii Pheenxeqoosxee booda ture irraa dafanii fagaataniif laamsha'uu fi humna dhabuutu ture malee; akkuma fakkeenyota baay'ee Kakuu Moofaa keessaa jiran irraa hubatamutti amanaa dhugaan kamiyuu beekumsa dubbii Waaqayyoo isa qulqulluu irratti cichuu caalaa beekumsa ciminaa fi jireenya hafuuraa isaatiin jiraachuu caalchifatu hin jiru. Gurmaa'inni saffisaan guddachaa deeme, duuti miseensummaa mirkanaa'aa fi guddachee deeme, sababiin isaas hoggansi Hafuura Qulqulluu aangoo irraa buufamee Sagaleen Waaqayyoos qanoonaa, dogimaa fi sirna namtocheedhaan bakka buuufame.

Israa'el biyya lafaa wajjin michummaa seeraan alaa keessa galtee, yeroo gaal'elaan itti makamtetti, dhumarratti guyyaan biyyi lafaa isaan dhuunfattee Baabiloon saba Waaqayyoo boojitee deemte in ga'e. Egaa isaan yeroo booji'aman lubbummaa, mana qulqullummaa (temple) fi Dubbii Waaqayyoo qabatanii achitti galan. Gaafa boojuu jalaa deebi'anitti garuu rabbii, seera ti'ooloojii Fariisotaa, mana sagadaa (synagogue) fi Taalmuud (Talmud) qabatanii deebi'an. Isaan akka fooniitti kan Abrahaam haa ta'an iyyuu malee, Yesuus yeroo dhufetti hammina isaanii isa keessa ba'aa irraan kan ka'e isaan kan abbaa isaaanii kan Seexanaati jedhe. Bara kana keessattis waanumti sun utuu ta'uu argina. Haa ta'u malee, akkuma "Israa'el hunndi" Israa'el hin taane, gareen muraasni Israa'elota Hafuuraa dhugaa ta'an turan, akkasuma yeroo hundumaa gareen xiqqaan kiristaana dhugaa ta'an, misirroo Kiristoos warri ta'an hanga Inni warra kan Isaatiif dhufutti ni jiraatu.

Magaalaa kana keessa manneen qulqullummaa beekamoo lamatu turan. Inni tokko Zewusiin (Zeus) itti waaqessuu kan ijaarame yoo ta'u, inni kaan immoo Siibeeliif (Cybele) kan ijaarame ture. Manneen qulqullummaa kana lamaan gidduus karaa bara duriitti hunda caalaa miidhagaa ta'e kan Daandii Warqee jedhamutu jira ture. Anaaf kun seensa paagaaniiziimii dabalataa kan bara jalqabaa keessatti jalqabee, garuu Roomaa keessa qofa jiraachuun isaa beekamaa turee argisiisa. Manneen qulqullummaa

waaqayyichaa fi waaqayyittii wal quunnamsiisuun sanyii Maariyaalaatirii yoo ta'u, kunis iddoo itti Maariyaam haadha Waaqayyoo jedhamtee ulfinni, maqaa ulfinaa fi aangoon Yesuus Kiristoosii wajjin wal ishee qixxeessu kennameefidha.

Daandiin Warqee wal isaan quunnamisiisu immoo agarsiiftuu ofittummaa qindeessitoota Niqolaayitaanii warra qabeenyaa fi aangoo mootummaan isaaniif dhi'eessu waan beekaniif mootummaa fi waldaan akka walitti makaman godhaniiti. Akkuma barri Efesoon bara gaddisiisaa Phergamoon kan gara fuulduraa jiruuf maasii sanyiin itti facaafamu ta'e, barri Simiirnaa kun rooba, aduu fi soorata kan waldaa badiisa fokkisaa waaqa tolfamaa waaqesuutti geessee ti, innis ejja hafuuraa yummuu ta'u, isheen gonkumaa deebtee hin kaane. Duuti hidda ishee keessaan gara damee isheetti waan yaa'eef warri ishee irraa sooratan hadhaa'ummaa fi du'a isheerraa sooratan.

Barri kun bara 170 hanga 312 DH.K.B'tti ture.

**Nagaa Gaafachuu Isaa**

Mul'ata 2:8,

*“Ergaan kun, Isa duraa fi isa booddee, isa du'ee deebi'ee jiraate biraa dhufe.”*

“Isa Duraa fi isa Booddee, Isa du'ee deebi'ee jiraate.” Egaa kun dubbii namaa miti. Namni idileen tokko (awwaala keessaa), “Ani isa duraa fi isa booddee, isa du'ee deebi'ee jiraate” jechuu danda'aa? Wanti jalqaba nama tokko mudatu (jiraachuu) yoo ta'u, wanti dhumaa immoo du'uu isaa ti. Kanaafuu inni dubbachaa jiru kun nama miti. Kun Waaqummaa dha. Nami (Addaam) jireenya fuudhee du'atti jijjiire; NAMNI kun (Yesus) garuu du'a fuudhee jireenyatti jijjiire. Addaam nama yakka hin qabne fuudhee yakkamaatti jijjiire; Inni kun garuu yakkamaa fuudhee nama qajeelaatti jijjiire. Addaam jannata fuudhee lafa onaa, iddoo bineensonni keessaa wacanitti geeddare; Inni kun garuu biyya lafaa badiisaan raafamaa fi gatantaraa jirtu gara Eedenitti geeddaruuf dhufaa jira. Addaam jireenya walitti dhufeenya tokkuumaa fi gammachuu waaqayyoo wajjin qabaachuu fuudhatee gara jireenya hafuura dukkana lafa onaa isa cubbuu, safuun baduu, dhukkuba, gidiraa, joonja'uu, badiisa lubbuu namootaa keessaa lola kaasu fidetti jijjiire. Inni kun garuu du'aa gaddisisaa fi salphina dhala namaa guute hundumaa keessaa jireenya qajeelummaa fi miidhagaa biqilche, kanaanis akkuma cubbuun karaa du'aa mo'e, karaa Nama Tokkootiin, karaa Yesuus Kiristoosiin akkasuma namoonni qajeelummaadhaan akka in mo'an godhe; wanti kennaan Waaqayyo inni tolaa kun fide garuu akka irra daddarbaa sanaa miti, kennaan Isaa kennaa irra guddaa caalu isa karaa jireenya bara baraatti geessudha malee.

Inni kunoo, warra fure, warra Waldaa Isaa ta'an gidduu deddeebi'aa jira. Warri furman hoo maal turan? Baay'een isaanii akkuma Phaawulos, akka namoota nama ajjeesanii fi baadisa hojjetanii hon godhamnee? Baay'een isaanii akka hattuutti, akka saamtuu f akka nama lubbuu namaa balleesseetti hin ajjeefamnee? Sun hunduu geeba ayyaana Isaati. Hunduu du'aa kaafamaniiru. Hunduu Yesus Kristoos, Gooftichaan warra JIRAATAN ta'an.

Nagaa bara jalqabaa barreessitanii itti fufuudhaan kan bara kanaa yoo barreesitan isinan dinqiisiifadha. Mee lachuu walitti fidaa. “Ergaan kun kan isa harka isaa mirgaatiin urjoota torban qabee, waldoota kristaanaa gidduu deddeebi'uu ti. Ergaan kun isa duraa fi isa booddee, isa du'ee, deebi'ee jiraate biraa dhufe.” Kun nama tokko, namichuma sanadhas. Kunis waldattiin kan Isaa ta'uu ishee nu beeksisaa jira.

Akkuma sanyiin firii gidduu jiru, Innis, Sanyiin Mootiis akkasuma waldaa Isaa gudduu jira. Akkuma sanyii qofti lubbuu ykn jireenya of keessaa qabu, akkasuma waldaa gara jireenyaatti kan geessu Isa. Gidduu deddeebi'uun Isaa dadhabbii tokko malee ishee tiksuu isaa argisiisa. Inni Angafa Tiksootaa isa warra kan Isaa ta'an eegudha. Sun immoo mirga Isaa ti, waldattii dhiiga Isaatiin bite waan ta'eef. Dhiigichis dhiiga Waaqayyoo ti. Namni Tokkichi waldaa qabu Waaqayyo, eeyyee Waaqayyo dha. Inni, 'Isa Duraa fi Isa Booddee ti'. Maqaan ulfinaa kun baraa hamma bara baraa (eternity) argisiisa. Inni du'ee deebi'ee jiraate. Inni gatii waan itti baaseef ragaa abbummaa mana qulqullummaa Waaqayyoo Isa qofaatu qaba. Inni ishee in bulcha. Inni ishee keessatti waaqeffama. Inni nama Gooftummaa fi aangoo Isaa fudhachuuf yaalu kamittuu haaloo in qabata. Sababiin Inni tokkoon tokkoon baraatti akka Waaqummaatti (Deity) Ofii Isaa beeksisuuf namoota akeekkachisuu fi jajjabeessuuf akka hin shakkisiisu. Inni wayinii sobaa in akeekkachiisa, wayinii dhugaa immoo in jajjabeessa. Kun egaa WAAQAYYO DHUGAA TOKKICHA ISA HUNDUMAA DANDA'U dha. Isa dhaga'aa jiraadhaa.

**Haalota Barichaa**

Mul'ata 2:9,

*“Rakkina si irra ga'e, hiyyummaa kee, hamaa si irratti dubbachuu warra Yihudoota utuu hin ta'in, Yihudoota ofiin jedhaniis ani beeka. Ati garuu sooressa; warri Yihudoota ofiin jedhan sun immoo wal ga'ii Seexanii ti.”*

Bantuun bara kanaa rakkina akka ta'e baay'ee ifaa dha. Bara jalqabaa keessa rakkinni yoo jiraate, guutummaa bara lammaffaa keessattis rakkinni isa duraarra hammaataan akka dhufu raagameera. Wanti Phaawulos armaan gaditti dubbate kun tuuta kiristaanota baroota hundumaa kessatti addunyaa keessa bakka kamuu jiraatan irra waan ga'uuf jiruu akka ta'e wal nama hin gaafachiisu.

Ibroota 10:32-38,

*"Guyyoota jalqaba itti ifa argattanii, wal'aansoo gudddaa dhiphina of keessaa qabu obsaan dandeessan sana yaadadhaa!*

*Isin keessa kaan mul'inatti arrabsamanii rakkataniiru; kaan immoo hidhata warra mul'inatti arrabsamanii rakkatanii turan.*

*Isin warra hidhamanii wajjin dhiphattaniittu; qabeenya isa caalaa wayyuu fi isa hin darbine akka qabdan waan beektaniifis saamamuu qabeenya keessanii gammachuudhaan fudhattaniittu.*

*Ammas amanachuu keessan isa gatii guddaa qabu hin gatinaa!*

*Jaalala Waaqayyoo gootanii, isa Waaqayyo abdachiise argachuudhaaf obsaan danda'uun isin in barbaachisa.*

*Caaffanni qulqulla'aan, 'Yeroo xinnoo isheetu jira inni dhufuuf jiru sunis, in dhufa malee hin turu.*

*Inni qajeelaan kan kootii, amantiidhaan jireenya dhugaa in argata; namni yoo dugda anatti gate garuu, garaan koo itti hin gammadu' in jedha."*

Namoonni gara-laafessa ta'an amanaa dhugaa wajjin walitti dhufeenya qabaachuu qofaaf, beenyaan gaarummaa isaanii du'a ta'uu mala.

Amma Waaqayyo Gooftaan Hundumaa Danda'u, "ANI BEEKA" jedha. Anni kunoo achitti saba Isaa gidduu deddeebi'aa jira. Kunoo Inni, Angafni Tiksee hoolotaa achi jira. Inni garuu har'itama irraa isaan in eegaa? Inni rakkina irraa in dhaabaa? Lakki, Inni sana hin godhu. Inni salphaadhumatti, "ANI Rakkina kee BEEKA- ANI dhiphachuu kee matumaa hin daganne" jedha. Kun saba baay'eef gufuu guddaa dha. Akkuma Israa'el, isaan kunis Waaqayyo dhuguma nu jaallata jedhanii dinqisiifatu. Waaqayyo utuu saba Isaa bira jiruu rakkina sabichaa cal'isee yoo irratti ilaale akkamitti haqa-qabeessaa fi jaalala qabeessa ta'uu danda'a?

Kun waan isaan Miikiyaas 1:1-3 keessatti gaafatanidha,

*"Dubbiin Waaqayyo karaa Miilkiyaas saba Israa'elitti hime kanatti fufee jira.*

*Waaqayyo, 'Ani isin nan jaalladhe' jedha; isin garuu, 'Attamitti nu jaallatte? Esaawuun obboleessa Yaaqoob mitii ree?' jettanii in gaafattu; Waaqayyo immoo, 'Ani amma iyyuu Yaaqoobiin nan jaalladhe,*

*Esaawuu garuu nan jibbe; tulloota isaas lafa onaa nan godhe, dhaala isaas lafa waangonni jiraatan nan godhe' jedhe."*

Argitanii, isaan jaalala Waaqayyoo adda baasuu hin dandeenye. Jaalalli waan dhiphina hin qabne isaanitti fakkaate. Jaalala jechuun daa'ima kunuunsa haadhaafi abbaa qabu jechuu isaanitti fakkaate. Waaqayyo garuu jaalalli Isaa jalala "filannaa" akka ta'e dubbateera. Ragaan jaalala Isaa FILATAMUU dha—waan fedhe haa ta'uu, jaalalli Isaa dhugaatti kan ragga'u dhugumaan fayyinaaf fo'amuun isaanii yoo mirkanaa'edha (sababiin isaas Waaqayyo karaa Hafuura Qulqulluutiin qulqulleeffamuu fi dhugaatti amanuutiin fayyinaaf isin fo'ateera). Inni akkuma Phaawulos du'atti dabarsee kenne, isinis gochuu danda'a. Inni akkuma Iyoob dhiphinatti dabarsee kenne, isinis gochuu danda'a. Kun mirga abbaa qabeenyummaa Isaa ti. Inni birmaduu dha. Waan hundaa garuu akeeka raawwatuuf qaba. Inni utuu akeeka hin qabu ta'ee, silaa sababii naga-dhabiinsaa ta'a malee sababii nagaa hin ta'u ture. Akeekni Isaas erga yeroo muraasaaf dhiphannee booda nama mudaa hin qabne, nama of danda'ee dhaabatu, nama jabaa fi tasgabbaa'aa akka taanudha. Akkuma Iyoob jedhetti, "Inni jabina isaa nu keessa in kaa'a." Iyoob 23:6. Argatanii Isa, Innuu Ofii Isaatii dhiphateera. Inni dhiphina Isatti dhufe hundumaa keessaa abboomamuu bare. Inni dhuguma dhiphina Isatti dhufe hundumaatiin isa waan hundumaa fiixaan baase ta'e.

Ibroota 5:8-9,

*"Inni utuma ilma Waaqayyoo ta'ee jiruu immoo, dhiphina isatti dhufe hundumaa keessaa abboomamuu bare.*

*Inni isa waan hundumaa fiixaan baase ta'ee erga argamee immoo, warra isaaf*

*abboomaman hundumaaf sababii fayyina bara baraa ta'e."*

Jecha ifaa ta'een yoo ibsamu, amalli Yesuus iyyuu dhiphina Isaatiin fiixaan ba'e jechuu dha. Akka Phaawulos jedhutti, dhiphina hamma tokko waldaan Isaas ittiin dhiphachuudhaan gara fiixa ba'iinsa amantii Waaqayyootti ittiin baatu isheedhaaf dhiiseera. Inni maaliif kana barbaade?

Yaaqoob 1:2-4,

*"Yaa obboloota ko! Qoramsa garaa garaatiin ilaalamuun yommuu isinitti dhufu, gammachuu guutuutti fudhadhaa!*

*Amantiin keessan qoramee ilaalamuun isaa obsaan danda'uu akka fidu in beektu.*

*Isin warra fiixaan ba'an; warra mudaa, hir'inas hin qabne akka taataniif, obsaan danda'uun kun hojii isaa fiixaan haa baasu!"*

Inni maaliif utuma bira jiruu cal'isee ilaala? Sababiin isaa Roomaa 8:17-18 keessatti argama,

*"Nuyi ijoollee Waaqayyoo erga taanee, warra waan hundumaa argatan in taana; waan kana hundumaas Waaqayyo biraa in arganna; Kristosii wajjin erga dhiphannee, isaa wajjin immoo ulfaachuudhaaf, waan Kristos argatu hundumaas isaa wajjin in arganna.*

*Dhiphinni keenya si'anaa kun, ulfina isa nuuf mul'ifamuuf jiruu wajjin wal bukkee qabamee, ilaalamuu akka hin dandeenyetti nan lakkaa'a."*

Yoo Isaa wajjin dhiphanne malee, Isaa wajjin mo'uu hin dandeenyu. Mo'uuf dhiphachuu qabdu. Sababiin isaa amalli gaariin dhiphachuudhaan malee gonkumaa salmaatti hin qaramu. Amalli gaarii MOO'ICHA malee kennaa miti. Namni amala gaarii hin qabne hin mo'u, sababiin isaa aangoon amala gaarii hin qabne kan Seexanaati. Angoon amala gaarii qabu garuu ittiin bulchuuf ga'umsa qaba. Egaa bu'uuruma Inni mo'ee teessoo Abbaa Isaa irra taa'ee jiruun teessoo Isaa nuuf qooduu barbaada waan ta'eef, Isaa wajjin taa'uuf mo'uu qabna. Dhiphinni keenya xiqqoon si'anaa kun, ulfina guddaa nuuf malu isa yeroo Inni dhufutti nu keessaan mul'atuun madaalamuu hin danda'u. Oo, warra rakkina baay'ee keessa darbanii gara mootummaa Isaatti galuuf fedhii qabaniif qabeenya gati jabeeyyii gurguddaatu walirraa tuulameefii jira.

"*Wanti akka ibiddaa gubu isin qoruudhaaf yommuu isin irra bu'u waan takkaa ta'ee hin beekne waan isin irra bu'e fakkaatee, isin hin dinqisiifachiisin!"*

Sun waan Pheexros dubbate dha. Waaqayyo amala Kiristoos fakkaatu kan dhiphina keessaan dhufu akka gabbifannu barbaaduun isaa waan nama dinqisiifachiisu dhaa? Lakki obboo. Hundi keenya qoramsa qabna. Hundumti keenya akka ilmaaniitti qoramnee in adabamna. Namni kana keessa hin dabarre hin jiru. Waldaan hin dhiphinnee hin qoramne isa hin qabdu—isheen kan Waaqayyoo miti.

Ibroota 12:6 fi 8,

*"Gooftichi nama jaallatu barsiisuuf in adaba, nama akka ilmaatti fudhatus in reeba. Adaba hundinuu barsiifamuudhaaf argatan keessaa, utuu hin argatin yoo haftan garuu isin ilmaan abbaa hin qabneettii dhalattan malee, dhuguma ilmaan isaa hin taatan."*

Haalli addaa amma Simiirnaa keessaa jiru kun bara hundumaa irratti hojiirra ooluu qaba. Barri isa irraa walaba ta'e hin jiru. Amanaa dhugaan isa irraa bilisa ta'e hin jiru. Kun kan Waaqayyooti. Kun fedha Waaqayyoo ti. Inni waan barbaachisaa dha. Gooftaan dhugaa akka nu barsiisu barbaanna, dhiphachuuttis dhiphina keessa darbuu keessattis Kiristoosiin fakkaachuu qabna. "Jaalalli danda'aa dha, gaarummaas in agarsiisa."

Maatewos 5:11-12,

*"Anaaf jedhanii namoonni yommuu isin arrabsan, yommuu isin ari'atan, (sobaan) waan hundumaa yommuu isin irratti dudubbatanis gammadaa.*

*Isaan raajota warra isin duraa akkasuma ari'achaa turan; egaa yeroo hundumaa gammadaa ililchaa waaqa irratti gatiin keessan guddaa in ta'a."*

Duumessi waaqarraa bubbeen jabaanis milikkita Waaqayyoon fudhatama dhabsiisu miti. Samiin duumessa hin qabnes ta'e roobni nagaas immoo milikkita jaalala Isaa mirkaneessan miti. Nu keessaa nama kamiifuu fudhatama argachuun nama sanaa KARAA ISA JAALLATAAMAA sanaa qofadha. Jaalalli Isaa fo'annaa Inni uumamuu biyya lafaa dura nuuf godhe dha. Inni nu jaallataa? Aha, eeyyee. Garuu akkamitti beekna? ISINAN JAALLADHA nuun jedhee, gara Ofii Isaatti nu fidee Hafuura Isaa nuuf kennuudhaan akka ilmaaniitti nu kaa'ee akka nu jaallatu nutti waan mul'iseef nu jaallachuu Isaa ni beekna. Jaalala koo immoo akkamittan Isaaf mirkaneessa? Dubbii Isaa amanuudhaan, qoramsa Inni nutti fidee ogummaa Isaatiin akka nurra darbu godhu keessatti gammachuun dabarsuudhaan.

*"Hiyyummaa kee beeka; ati garuu sooresssa."*

Ammas kunoo ti. Yummuu Inni Waldaa Isaa gidduu olii fi gad deddeebi'uu ilaalaa. Inni akka abbaatti maatii Isaa gadi ilaalaa jira. Inni mataa mana Isaati. Inni waan barbaadan isaaniif in kenna. Inni tiksee isaaniiti. Haa ta'u malee hiyyuma isaanii keessatti cal'isee isaan in ilaala. Oo, amanaan hubannaa hin qabne kanarratti attam gufata laata! Yeroo warri kan Isaa ta'an waan hundumaa dhabudhaan rakkatanitti Waaqayyo isaan irraa fonqolchuu didee attamitti cal'isee ilaala—maaliif qabeenyaa jireenya irraa hafaatiin isaan badhaasu dide?

Iddoon kun ammas iddoo jaalala, gaarummaa fi ogummaa Waaqayyoo itti amanuu qabdanidha. Kunis, akka dabalataatti barbaachisaa dha. "Bor maal nyaanna yookiis maal uffanna jettanii hin yaadda'inaa! Isaan kun hundinuu isiniif barbaachisoo akka ta'an abbaan keessan inni waaqa irraa in beeka'o. Inni biqiltuutti akkana bareechee itti uffisa erga ta'ee, simbirrootas akkasitti soora erga ta'ee, isiniif immoo kanarra kan caalu in godha. Qabeenyi lafarraa kun wantoota bu'uuraa jireenya keessaniif barbaachisoo ta'an isa dhugaa miti, jireenyi eenyuu illee baay'ina qabeenya isaa irra hin dhaabbatu. Duraan dursitanii yaada keessan mootummaa Waaqayyoo fi qajeelummaa isaa barbaaduutti hidhaa! Wanti isin barbaachisu hundinuus isiniif in kennamaa" jedhee isa Inni akeekkachiise yaadadhaa.

Sabni Waaqayyoo yaada isaanii qabeenya irratti hin hidhan. Yaada isaanii Kiristoos irratti hidhu. Isaan qabeenya lafarraa hin barbaadan; isa waaqa irraa malee. Kristaanonni harki caalaan sooressa MITI kan jedhu guutummaatti dhugaa dha. Isaan gama hiyyeessaatti ramadamu. Bara Yesuusittis akkasuma turan. Bara Phaawulosittis akkasuma ture; har'as akkasuma ta'uu qaba. Oo, sun har'a dhugummaa baay'ee hin qabu, sababiin isaas yeroo baay'ee ulaagaan jireenya hafuuraa baay'ina qabeenya lafarraa waan ta'eef barri Laa'odeeqiyaa badhaatuu dha. Oo, waldaan qabeenyaan attam badhaatuudha! Hafuuraan garuu attam hiyyeettiidha! "Gammadaa isin gadadamoota (hiyyeessota) nana, mootummaan waaqayyoo kan keessan. Mootummaan Waaqayyoo mootummaa nyaataa fi dhugaatii MITI." Inni meesshaa miti. Inni NU KEESSA jira. Namni sooressi waan biyya lafaatiin utuu hin ta'in, waan Waaqayyootiin kan sooromu dha.

Hafuurichi,"Oo, hiyyummaa kee nan arga. Dhaba kee nan arga. Waan ittin of jajju tokko illee hin qabdu. Wanti ati qabda turte si duraa saamameera. Qabeenya isa hin darbineef jettee, saamamuu qabeenya keetii gamachuudhaan fudhatteetta. Sitti kolfaniiru. Si tuffataniiru. Ati waan irra ciiftee aara galfattu iyyuu hin qabdu. Kana hundumaa keessatti garuu ati sooressa. Nageenyi kee Isa gaachana siif ta'uu fi gatii kee baay'ee guddaa taasisu harka jira. Mootummaan kee amma illee hin dhufne. Garuu ni dhufa. Innis kan bara baraa ta'a. Eyyee, rakkinaa fi qoramsa kee hin daganne. Isa keessa jiraachiin attam ulfaataa akka ta'e nan beeka. Yeroon akka qabeenya dhuunfaa Kootti si fudhachuuf deebi'ee dhufutti garuu kana hundumaa nan yaadadha, yummus sin badhaasas" jedhee boo'a.

Egaa kun namoota sooressa ta'aniin mormuu jechuu miti, sababiin isaas Waaqayyo nama sooreessa fayyisuu danda'a. Ijoolleen Waaqayyoo tokko tokko dureeyyii dha. Horiin garuu warra qaban qofaatti utuu hin taane warra hin qabnettis kiyyoo ta'uu danda'a. Bara jalqabaatt, Yaaqoob warra qabeenya ol kuufatnii qabaniin, "Gooftaa keenya Yesus Kristos, gooftaa ulfinaatti amantii erga qabaattanii, nama wal hin caalchisinaa" jedhee boo'e. Hiyyeeyyiin achi turan Waaqayyoon amanachuu irra gargaarsa argachuuf jedhanii dureeyyiif gugguufuu yaalaa turan. "Akkas hin godhinaa," ittiin jedhe Yaaqoob. "Kana hin godhinaa. Horiin wanta hundumaa namaa hin godhu. Horiin nama hin quubsu." Har'as horiin nama hin quubsu. Yeroo kamiyyuu caalaa qabeenya qabna hojiin hafuuraa garuu kan duraarra xiqqaadha. Waaqayyo horiidhaan hojjeta miti. Inni Hafuuraa Isaatiin sochoosa. Hafuurri hojjetu sunis gara lubbuu Sagalichaaf of kennitee qofa dhufa.

**Wal ga'ii Seexanaa**

Mul'ata 2:9b,

> *"Hamaa si irratti dubbachuu warra Yihudoota utuu hin ta'in, Yihudoota ofiin jedhanii ani beeka. Warri Yihudoota ofiin jedhan sun immoo wal ga'ii Seexanaa ti."*

Kun lakkoofsa yaada xiyyeeffannoo guddaa barbaadu qabudha, kunis qabiyyeen isaatiin adda waan ta'eef qofa utuu hin ta'in, bara gara waggoota kumaa olii fudhatee booda deebi'ee waan mul'atuuf.

Mul'ata 2:9,

> *"Rakkina si irra ga'e, hiyyummaa kee, hamaa si irratti dubbachuu warra Yihudoota utuu hin ta'in, Yihudoota ofiin jedhaniis ani beeka. Ati garuu sooressa; warri Yihudoota ofiin jedhan sun immoo wal ga'ii Seexanaa ti."*

Hunda dura, jechi Yihudoota jedhu amantii uummata Yihudootaa hin ibsu. Innis uummata Yihudaa qofa kan agarsiisu yoo ta'u, ani dhalataa lammii Aayerlaandiiti yoon jedhe hiika sirrii wal fakkaatu qaba. Namoonni kun Yihudoota dhugaa, dhalootaan Yihudoota dhugaa akka ta'an dubbachaa turan. Isaan sobdoota turan. Isaan dhalootaan Yihudoota hin turre, amantiidhaanis Yihudoota hin turre.

Kun erga dhugaa ta'ee, isaan maal turan ree? Isaan uummata gowwomfamanee duraanuu qaama waldaa ta'e turan. Isaan kan muka wayinii sobaa turan.

Waaqayyo,"Isaan wal ga'ii (synagogue) Seexanii ti" waan jedheef, isaan waldaa dhugaa miti, waldaa sobaati malee. Hiikni jecha "synagogue" jedhuu hiika jecha "church" jennee itti fayyadamnu wajjin tokko miti. Macaafa Qulqulluu keessatti waldaa jechuun, "Warra waamaman," yookiis "warra waamamanii dhufan" jechuu dha. Abbaan Faarsaa namoota fo'aman kanaa akkas jedhe,

> *"Namni Ati FO'ATTE oobdii mana Kee keessa akka buufatuufis inni Ati ofitti BUTTU haa gammadu!"*

Faarsaa 65:4.

Hiikni jecha 'synogague' jedhuu garuu, "wal ga'uu ykn walitti qabamuu" jechuu dha. Kun gaarii yookiin hamaa ta'uu danda'a, haala kana keessatti garuu hamaadha, sababiin isaas isaan kun warra wal ga'iin isaanii kan Waaqayyoo utuu hin ta'in kan ofii isaanii ta'edha. Isaayaas waa'ee warra kanaa akkas jedhe,

> *"Kunoo, isaan dhuguma walitti in qabamu, garuu ANA BIRAA MITI; nama si irratti ka'uuf walitti qabamu kamuu, ati isa in balleessita. (*Macaafa Afaan Oromoo irraa dubbiin kun hir'uudha)."

Isaayaas 54:15.

Isaan kun dhuguma wayinii dhugaa irratti waan ka'aniif, Waaqayyo gaaf tokko isaan in balleessa.

Amma maaliif namoota caasaa waldaatiin waldaatti makamanii nuyi Yihudoota ofiin jedhan qabaanne? Sababni isaas kana: isaan sobduu waan turaniif abbaa jaallatanitti of waamuu danda'u turan. Waan barbaadan tokko akka waan dhugaa ta'eetti dubbatanii itti cichuu danda'u turan. Haala kana keessatti yaada humna guddaa qabu sammuutti qabatanii ittiin sobuu danda'u. Waldaan jalqabaa guutummaatti yoo ta'uu baate illee harki caalaan Yihudota miseensa dhagna Isaa jalqabaa taasifaman hin turree? Ergamoonni kudha lamaan Yihudoota turan, ergamoonni booda dhufan immoo Yihudoota yookiis warra amantii Yihudootaa fudhatan keessaa turan. Akkasitti namoonni nuyi Yihudoota jedhanii kakachuun olaantummaa fi originaaliitii isaan gonfachiisa ture. Soba dubbadhu. Isattis in cichi. Dhugaas ta'e seenaattii dhimma hin qabaatin. Cal'isii waan sana namootatti himuu itti fufi, utuu hin turin namoonni waan sana fudhatu.

Amma achi keessaa waan tokko qabattaniittuu? Sun hafuura har'a waldaa keessa jiruu wajjin tokko mitii? Gareen waldaa jalqabaa fi ishee dhugaa ta'uu isaanii, fayyinnis waldattii keessaa qofa argama jedhan hin jiranii? Isaan bantuu mootummichaa isa Pheexros harkaa fudhanne qabna hin jedhanii? Isaan BAKKA RAGAAN SEENAA KANA DHUGOOMSU TOKKO ILLEE HIN JIRRETTI, Pheexiroos phaaphaasii isaanii jalqabaa akka ture, inni Roomaa keessa jiraachaas akka ture himachaa hin jiranii? Hordoftoonni ishee warri barumsaan fagaatanii fi beekumsa qaban iyyuu soba ishee ni amanu. Wal ga'ii (mana sagadaa) Seexanaa! Seexanni abbaa ishee yoo ta'e, inni immoo abbaa sobaa yoo ta'e, warri wal ga'ii (mana sagadaa) isaa keessa jiranis sobdoota ta'uun isaanii nama hin dinqisiifachiisu.

Yaada hamaa namarratti dubbachuu (arrabsoo) ilaalaa mee. Warri wal ga'ii Seexanaa kun haala kana keessatti kanatti Waaqayyoon arrabsaa hin turre (arrabsuun kan hin hafne ta'us), waldaa dhugaa arrabsaa turan malee. Kun shakkii hin qabu. Akkuma Qaayin kan isa hamaa sanaa waan ta'eef Abeeliin ari'atee ajjeessee, akkuma warri seera Yuhudootaa isa du'aa duukaa bu'an (Yesus, isaan kan abbaa isaanii, kan Seexanaati jedhe) waggoottan jalqabaa bara jalqabaa keessatti Kristaanota balleessuuf yaalan, akkasuma gareedhumti kun (wayiniin sobaa) bara lammaffaa keessatti amanaa dhugaa balleessuuf daran cimsee yaalii gochaa jira. Hafuurri mormituu Kristos sun guddachaa jira.

Gareen HOJII (Niqolaawotiiziimii) isaatiin suuta suutaan qaxxisee waldaa seene kun kana booda saaxilamuu hin sodaatu, ifatti garee mataa isaatiin gurmaa'ee diinummaa dhoksaa hin qabneen waldaa dhugaa irratti ka'uuf wal ga'a malee.

Amma kun waldaa mormituu Kristos gurmooftedha yummuun jedhu seenaa dhugaa irratti hundaa'eeni. Waldaan jalqabaa Roomaa keessatti hundeeffamte (seenaa ishee Bara Phergamoon kesssatti ilaalla) duraanuu amantii paagaanii maqaa fi hiika Kiristaanaa qabu seensisuudhaan dhugaa Waaqayyoo gara sobaatti jijjiirtee turte. Bara lammaffaatti akka malee paagaanii waan taateef (an waldaa dhugaati ofiin haa jettu iyyuu malee) Poolikaarp dulluma isaa keessa gara maayilii 1500 qaxxaamuree iddootti akka deebi'aniif kadhachuuf dhufe. Isaanis deebi'uu didan. Isaan gulantaa cimaa fi gurmaa'ina cimaa, guutummaatti Dubbicha irraa fagaachuus qabu turan. Kun egaa, wal ga'ii Seexanaa isa arrabsoodhaan guutamedha, kunis sanyiiwwan barsiisa Niqolaayiniiziimii duraanuu turan kan yeroo gabaabaa keessatti qabatamaatti teessoo yookaan humna amantii Seexanaa ta'uuf deemuuti. Kun egaa Mul'ata 2:9b keessatti kan jedhamee wajjin sirrii dha; namoonni kun wal ga'ii Seexanaatti hirmaatu HIN jedhu, ISAANUMA MATAA ISAANIITU WALGA'II SEEXANAA (mana sagadaa Seexanaa) ti jedha malee.

Hafuurri mormituun Kristos kun haaraa miti. Kun waan reefuu baroota waldaa keessatti dhufe miti. Inni yeroo hundumaa faana ture. Inni akkamitti akka hojjetu, akkamitti akka faallaa Waaqayyoon deemee waldaas to'annoo isaa jala galchu hubannoo ifa ta'e argachuuf, Kakuu Moofaa yoo ilaaltan achitti ni argattu. Battaluma Isaraa'el waldaa lafa onaa ta'uuf Gibxii keessaa baateen mul'achuu hafuura kanaa haa ilaallu.

Akkuma waldaan durii tajaajila qulqulluu Hafuura Qulqulluu jalatti milikkita, dinqii fi mul'ina hojii hafuuraa kanneen akka raajii dubbachuu, afaan haaraan dubbachuun, afaan haaraa hiikuun, ogummaan, beekumsii fi dhukkubsataa fayyisuun jalqabe, Israa'elis bara biyya Gibxii ba'an geggeessummaa Hafuura Waaqayyoo kennaadhaan mul'atu jala turan. Waaqayyo geeggeessaa uummataa ture. Dhugumatti Inni Mootii isaanii ture. Inni Abbaa-Mootii ture. Akkuma namni maatii isaa kunuunsutti Israa'eliin kunuunse. Inni isaan soore, isaaniif lole, karaa isaanii wal qixxeesseef, rakkina isaaniis in fure. Inni isaaniif jedhee boqonnaa dhabe. Sabni Inni dhuguma Waaqayyo ta'eef isaan qofa turan. Gaaf tokko garuu naannoo isaanii ilaaluu jalqaban, Filisxeemonni sabni kaanis mootota qabaachuu isaaniis in argan. Sun waan isaan hawwateefis hoggansa isaanii nama gochuu akka qaban murteessan, kanaaf mootii barbaadan. Amma Waaqayyo Ofii Isaatii, karaa Nama (Person) Gooftaa Yesuus Kristoos geggeessummaa hoggansa namaa gochuuf ture, isaan garuu Isa dursaniiru. Seexanni karoora Waaqayyoo waan beekuuf yaada Waaqayyoon (Sagalicha) dursuu garaa namootaa keessa kaa'e.

Saamu'elitti dhi'aatanii mootii akka isaaniif kaasuuf yummuu gaafatanitti, Saamu'eel na'ee diilallaa'e. Waaqayyo karaa raajii qulqullaa'ee fi Caaffata Qulqullaa'oo keessatti mirkaanaa'e kanaa saba Isaa geggeessaa waan tureef nan tuffatama jedhee sodaate. Innis saba walitti qabee Waaqayyo isa akka daa'imaatti isaan baate, isaan sooromse, isaan eebbises irraa akka gara hin galleef isaan kadhate. Garuu cichanii itti fufan. Isaanis Saamu'eeltti in dubbatan. "Hoggansa kee keessatti dogoggortee hin beektu. Hojii faayinaansii kee keessatti amanamummaa dhabdee hin beektu. Dubbii Gooftaa wajjin akka wal simnuuf waan dandeessu hunda gooteetta. Dinqii, ogummaa, dhi'eessii fi eegumsa Waaqayyoo in dinqisiifanna. Itti amanna. Ni jaallanna. Kana malees isaaniin ala jiraachuu hin barbaannu. Mootiin gara lolaatti akka nu geessu qofaaf barbaanna. Eeyyee ammas yeroo lolaaf baanutti ammallee luboonni Yihudaan hordofamanii akka dura deeman gochuun akeeka keenya, nuyti immoo malakata afuufnee iyyinee in faarfanna. Sana keessaa tokkollee dhiisuun akeeka keenya miti. GARUU MOOTII NU KEESSAA KA'EE NURRATTI MO'U BARBAANNA."

Waaqayyos Saamu'eelitti dubbate. "Argitaa, jarri kun ANA isa isaan irratti mo'e tuffachuu isaanii ti malee, si tuffachuu isaanii miti."

Sun akkam nama gaddisiisa ture. Akka biyya lafaa ta'uuf yeroo Waaqayyoon gaafachaa jiranitti Isa tuffachaa akka jiran hin hubanne, sababiin isaas sabni Isaa waan warri biyyi lafaa godhan akka hin goone dursee abboomeera. Isaan kan biyya lafaa waan hin ta'aniif biyya lafaa hin fakkatan akka biyya lafaattis hin deddeebi'an. Isaan biyya lafaattii fannifamaniiru biyyi lafaas isaanittii fannifameera.

2Qorontos 6:17-18,

> *"Isaan keessaa adeemaa, ittii gargar ba'aas; wanta xuraa'aa harkaan hin qabinaa!*
>
> *Ani abbaa isiniif nan ta'a, isinis ilmaan koo intaloota koos in taatu jedha Gooftaan inni hundumaa danda'u."*

Israa'elii fi saboota kaan gidduu garaagarummaan jiru tokkichi Waaqayyo ture. Waaqayyoo moggaatti dhiifnaan Israa'el akkuma saba kamiiyyuu taati turte. Siimson yeroo rifeensa isaa muretti akkuma nama kamiiyyuu ta'e. Waldaan hoggansa Hafuura Qulqulluu moggaatti dhiifnaan, BIYYA LAFAA MAQAAN WAAQAYYOO ITTI MAXXANE TAATI MALEE HOMAA IYYUU HIN TAATU. Akkuma Yaaqoobii fi Esaawuun maatii gosa tokko irraa dhalatan, biyyi lafaa fi waldaanis hunduu bukoo gosa tokkooti, Hafuura Waaqayyootu gargar baasa malee.

Ani Kiristaana yoo ofiin jettan sun bu'aa hin qabu. Namni kamiyyuu akkas ofiin jechuu danda'a. Qabxii ijoon Hafuura Waaqayyoo of keessaa qabaachuu fi qabaachuu dhabuu keessanidha, sababiin isaas Hafuura sana hin qabdan taanaan isin warra hin fo'amedha (reprobate); isin kan Isaa miti. Ameen.

Giiftii tokko Kristaana ta'uu ishee dhi'oo kana gaafadheen ture. Isheenis, "Halkan hunda shaamaa akkan qabsiisu akka beektun baraada, gooftaa" naan jette. Wanti biyyi lafaa qabdu bu'aa maalii qaba mee? Ani Meetodistii dha, ani Baaptistii dha, ani pheenxeqoostaalii dha. San qabaachuun bu'aa tokkollee hin qabu. Hafuura Qulqulluu qabaachuu ykan baduu dha.

Eeyyee, namoonni attamitti Waaqayyoo irratti fooyya'uu akka danda'an yaaduu fi sababeessuu kan jalqaban waldaadhuma jalqabaa keessatti ture. Hojiin warra Niqolaawotaa of mul'isuu jalqabe. Sana booda garee tokkotu ijaarame. Isaan fakkeenya Sagalichaa irraa fagaatan. Jecha tokko qofa jijjiruudha, sana booda raacitii xiqqoon sun guutummaa bukichaa raaciteessa. Namni qabxii seeraa keessaa tokko cabsu, hunda akka cabsetti itti gaatama. Hewaan jecha tokko qofa jijjiirte. Sun irraa kaachuu fida.

Gareen Seexana giddu galeessa godhate sun yeroo uumamutti, isaan (alagaan) nutu waldaan Waaqayyooti ofiin jechuudhaan amantoota dhugaa jibbuu fi loluu jalqaban.

Jaarmiyaan akkamitti jibba akka horatu hubadhaa. Feeloshiippii in balleessa. Hadhaa'aa taasisa. Hiikni qumbiis (myrrh) sanuma. Simiirnaan sanaan guutuu turte. Hadhaa'aa. Hiddi hadhaa'aan namoota baay'ee xureessa. Kanaaf xuraa'ummaan dachaa dachaadhaan ol seenaa ture. Barri hundi kulkulfannaa godaannisa isaa qaba ture.

Waldaan Simiirnaa wanta jalqabaa (original) irraa fagaattee turte. Isheen in diqaalomte. Isheen akkuma Hewaanitti of diqaalomsite. Diqaalomsuun sanyii gosa lama walitti makuu akka ta'e ni beektu. Sanyiin haala kanarraa dhalatus akka isa jalqabaatti (original) qulqulluu hin ta'u. Inni diqaalaa (morgrel) dha. Tole, Hewaan bineensichi sanyii isaa kan ishee wajjin akka walitti maku yeroo hayyamtetti uumama Qaayin jedhamu kan nama qulqulluu hin taane deesse. Inni kan ISA HAMAA SANAA ture. Inni Abeel irraa hammam adda akka ture hubadhaa. Inni Seem irraa hammam adda akka ture hubadhaa. Inni Waaqayyoon in jibbe, Sagalalee Waaqayyoofis abboomamuu diduudhaan nama qajeelaa in ari'ate in ajjeeses. Inni Dubbii Waaqayyoo gararraa of kaa'e.

Waldaanis, akkasuma waan jalqaba turte (original) irraa fagaattee jirti. Ishee diqaalaa dha. Kana jechuun waldaan maqaaf waldaa jedhamtu (church nominal) diqaalaa dha. Namoonni, "Ani Baatistii dha" jedhu. Jalqabatti akkas hin turre. "Ani Metedistii dha" jedhu. Jalqabatti akkas hin turre. Dubbii Waaqayyoo isa qajeelaa mannaa, namoota Hafuura Qulqulluudhaan guutaman kanneen mul'ata Hafuurri Qulqulluu kennamuun geggeeffamanii mannaa, qanoonaa, seera ittiin bulmaataa fi yaada tilmaamaa namoota barataniitu amma waldaa keessa jira. Barumsi mul'atan bakka buufameera. Qaaceesi yaadaa amantii bakka bu'eera. Sagantaan galateeffannaa tasa Hafuurri Qulqulluu fidu bakka bu'eera. Jalqabarraa akkas hin turre. Sanyiin gosa hundaa jijjiirameera. Isheen waldaa diqaalaa taatee jirti.

Amma egaa waldaan erga diqaalomtee booda Kristaanota qulqulluu horuu dandeessii? Hin dandeessu. Jireenyi ykn sanyiin Kristaanonni irraa dhalatan ishee keessa hin jiru. Sanyiin gosa tokkoo gosuma isaa dhala. Warri Baaptistii Baaptistii baay'ee dhalu, isaaniis akkuma Baaptistii duraaniitti jiraatu. Warri Meetodistii Meetodistii baay'ee dhalu, isaanis akkuma Meetodistii duraanii ta'u. Isaan keessaa tokko iyyuu aboo Waaqayyootiin kan beekamu hin jiru sichittis hin beekaman, inni achi hin jiru waan ta'eef. Isaan sirna kabaja ayyaanaa kan ittiin Waaqayyoon waaqessaniin, qanoonaa fi doogimaa isaaniitiin beekamu.

Mee waa'ee diqaalaa tokkoo nan dubbadha. Diqaalaan addunyaa kana irratti beekamaa ta'e beektuu? Inni barootaaf nuu wajjin jiraateera. Innis gaangeedha. Innis sanyii harree fi fardaa irraa dhalata. Inni bineensa nama kofalchiisu dha. Sanyii isaa bakka buusuu hin danda'u. Jireenya akkas gochuu danda'u hin qabu. Waa'een hojii yoo dubbanne garuu farda ykn harree caalaa hojjechuu danda'a. Garuu amala isaa ilaalaa mee. Mata jabeessa waan ta'eef gonkumaa isa amanachuu hin dandeessan. Inni fakkeenya sirrii dhaaba amantii diqaalaa ta'ee dhalatee ti. Sanyii ifaa fi sanyii dukkanaatu walitti makame, sababiin isaas fardi fakkeenya amanaa dhugaa yoo ta'u harreen immoo fakkeenya nama jal'aa ti. Mee lamaanuu walitti makaa, amantii maseena, amantii dhama hin qabnetu dhalata. Isheenis sanyii jireenya kennu hin qabdu. Duuutuu dha. Isheen waa'ee dhugaa haasa'uu dandeessi malee dhugaa horuu hin dandeessu. Waaqayyoon of gudduudhaa hin qabdu, garuu wal geessee waa'ee Waaqayyoo haasofti, yeroo kana hunda tooftaadhaan humnicha ni ganti. Isaan Maqaadhuma Gooftaatiin Sagalicha ni ganu. Isaaniif gonkumaa abdiin hin jiru. Amantiin gurmaa'e kamiyyuu haaromsa hafuuraa argatee akka hin beekne beektuu? Gonkumaa! Al takkaa gurmoofnaan achuumaan du'u. Yoomiyyuu deebi'uu hin danda'an. Lakki obboo. Kana fakkeenyaan isinitti himuu nan danda'a. Seera Ba'uu 13:13 keessatti,

> *"Harree wadala angafa dhalatu hundumaa, xobbaallaa korbeessaatiin in furta; yoo furuu dhabaatte immoo saggoo isaa kuti! Sanyii kee keessaa immoo ilma isa angafa in furta" jedha.*

Argitanii, harreen furamuu danda'a. Namni cubbamaa gadadamaan hunduu aarsaa dhiigaa Yesus Kristosiin furamuu danda'a, yookaan Kristoosiin ganuu isaatiin gatamuu danda'a. Garuu gaangee hin furtan. Isaaf furiin jiru. Dhiigni isaa b'u hin jiru. Harreen dhiigatti kooluu gallaan gaangeen immoo waldaatti kooluu waan galeef dhiigni isaaf bu'u hin jiru. Gaangeen "Sanyii" isa lubbuu itti horu hin qabu, harreen garuu sanyicha qabda.

Maaliif, torban muraasa yaada qeeqaa tokkoo dubbiseen ture. Eeyyee, innis qeeqa daldalaa hin fayyiniin qindaa'eedha; Kiristaanaan miti. Innis waldoota akka ajaa'ibsiifatu dubbate. Inni isaan hubachuu hin dandeenye. Isaan seminaarii piroofeesaroota Dubbii Waaqayyoo balleessuuf barsiisaniin guutame qabu turan. Amma garuu namni kun sana adda baasuu hin dandeenye. Sun baay'ee isa rifachiise. Namni Waaqayyoon hin amanne, ykn komunistiin, ykn namni bilisaan yaadu ykn namni biraan kana akka godhutti beekuu isaa dubbate. Garuu waldaan mataan ishee Sagalee Waaqayyoo yummuu balleessitu ajjeechaa itti yaadamee raawwatamuu wajjiin wal qixa. AMANTII KEE DIQAALAA DHA. AMEERIKAA, UTUU SITTI HIN DHI'IN DAMMAQI!

Waldaan yeroo Dubbicha irraa fagaattu waanuma fedhe ni amanti. Akkuma Hewaaniiti. Yeroo Qaayin

dhalate, “An Gooftaa biraa nama tokko argadheera” jette. Amma dhuguma garaa ishee irraa akkas akka jette hubattaniittuu? Gooftaa biraa nama tokko waan argatte itti fakkaate. Argitanii, Dubbii Waaqayyoo dhiistee dubbii Seexanaa fudhachuun al tokko gowwomfamtee turte, ergasii wanti isheen jettu hundi waan sirrii ta'e itti fakkaata ture. Isheen Waaqayyo biraa nama tokko nan argadha jennaan, Waaqayyo biraa nama tokko waan argattu seeti. Waaqayyo garuu uumama (universe) Isaa keessa seera kaa'eera. Sanyiin gaariin firii gaarii qofa godhata, sanyii hamaanis firii hamaa qofa godhata. Amma sanyiin lachuu garaa gara haa ta'an iyyuu malee biyyoo, xaa'oo, jiidhinaa fi ifa aduu gosuma tokkotti fayyadamu, garuu firii ija gosa ofii isaanii godhatu. Seenaa hidda dhaloota Qaayinii ilaalaa. Seenaa hidda dhaloota Sheet ilaalaa. Garaagarummaan isaan gidduu jiru waan tokko qofa, innis sanyii jalqabaa (original seed) ti. Wanti biraa hin jiru.

Dubbii Hewaan kana sirriitti yoo ilaaltan hubannoo hubannoo caalu akka isheen qabdu hubattu. Isheen ilma sana Seexanatti hin kennine, sababiin isaas silaa Waaqayyoo wajjin wal qixa isa taasisa waan tureef. Gadameessa Maariyaam keessatti hanqaaquu uumuu kan danda'u Waaqayyo qofa. Seexanni akkas gochuu hin danda'u. Hewaan sana beekti turte. Seexanni jal'isuu qofa danda'a. Kanaaf sanyii dogoggoraatiin ishee gowwomse. Sanyiin bofaa Qaayin ta'ee dhalate. Sanyiin Addaam Abeelii fi Sheet ta'ee dhalate. Sanyiwwan sun adeemsa wal fakkaatu keessa darban, ijoollettiin garuu sanyii adda addaa irraa waan dhalataniif adda adda turan.

Qaayin Waaqayyo biraa akka ta'etti amante. Soba Seexanaa akka dhugaa Waaqayyootti fudhatte. Ammas wanti qabnu sirriitti kanuma. Waldoonni akka burqaa dhugaa godhanii of dhaaban malee dhugaan isaan keessa hin jiru; haa ta'u malee ijoolleen isaan godhatan isaaniin kakatu, deeggarsa dogoggora isaaniif jedhanii nama iyyuu ni ajjeesu.

Kun arbeessuu yoo isinitti fakkaate, 2Ximotewos boqonnaa 3ffaa guutummaa isaa fi boqonnaa 4ffaa hanga lakkoofsa shaniitti dubbisaa.

2Ximotewos 4:1-5,

> *“Waaqayyo duritti, Kristos Yesus isa warra jiranii fi warra du'anitti faraduuf jiru durattis, maqaa isa deebi'ee mul'atee, mootummaa isaas argisiisu sanaan cimsee sin gorsa.*
>
> *Dubbicha lallabi, 'kun yeroo dha, kun yeroo miti' utuu hin jedhin qophaa'ii, argami! Nama balleessaa isaa hubachiisi ifadhu! Obsa hundumaan gorsi barsiisis.*
>
> *Barri itti namoonni barsiisa sirrii fudhachuu jibban dhufuuf jira; bara sanas akka hawwa isaaniitti, barsiisota wanta gurra isaaniitti tolu isaan barsiisan walitti in sassaabbatu.*
>
> *Isaan dubbii dhugaa dhaga'uu irraa gara galanii, gara mammaaksa amantiitti in goru.*
>
> *Ati garuu waan hundumaatti gara itti gortu beeki! Hojii lallabaan wangeelaa hojjechuun ta'uuf hojjedhu, hojii itti ergamte guutummaatti raawwadhu.*“

Waldaan akkuma Addaamii fi Hewaan isa jalqabaa (original) irraa fagaachuu yeroo hayyamte duuti itti seene.

Waldaan battala gara bifaa fi sirna ayyaaneffannaatti, akkasumas tajaajiltoota waliitti gurmeessuudhaan garee tokko kan hoggansa Hafuura Qulqulluu fi Dubbii Isaatiin alatti hoogganisa murteessu sirna lubbummaatti tarkaanfattetti, yeruma sana duuti ol itti seenee dhukkubsachuu jalqabde, akkuma dhukkubsachaa deemteen gara garee namoota humna hin qabnee kan meeshaan lolaa isaanii falmii qofa ta'etti jijjiiramte. Abdiin ishee sagantaa irratti malee amantii Dubbii Isaa irratti waan hin ijaaaramneef, karaa Hafuuraa homaa firii godhachuu hin dandeenye. Sagantaa facaasanii, sagantaa haammatan. Jal'ina facaasanii ijoollee jal'oo haammatan.

Waaqayyootti qoosnaan waanuma facaaftan haammattu. Namni sana uumama irraa barachuu qaba. Namni uumama jal'isee jira. Namni yaada mataa isaa uumamatti naqee molikuyuulotaa fi kkf wal jala fuudhe, kunoo amma bubbee hamaa haammataa jira. Mee akkamitti akka isaan indaaqqoo diqaalomsan qofa ilaalaa. Akka malee diqaalomuu irraa kan ka'e akka maashiniitti hanqaaquu tufaa oolti. Lallaaftuu dha, waan sirrii waan hin ta'iniifis hin mi'ooftu. Foon nyaannutti keemikaala dabalanii sababa kanaan qaamni namaa jijjiiramaa waan jiruuf, dubartoonni mudhii gadiin qal'ataa saggoodhaan immoo bal'ataa jiru, dhiironni immoo faallaa kanaa ta'aa jiru. Amma uumamaa wajjin qoosuudhaan bulguu yoo godhattan, dhugaa sobatti jijjiiruudhaan maal godhattu? Deebiin isaa, mormituu Kristos godhattu, sirna amantii Waaqayyoon hin qabne kan akka malee jal'aa ta'ee fi waan inni jalqabaa godhate kan hin fakkaanne ykn hin godhatin godhattu. Haala akkasii kanaaf deebiin Waaqayyo qabu kuufama ibiddaa qofa.

Barri hiyyeessi Simiirnaa sun du'aa ture. Gaafa du'us deebi'ee hin kaane. Barri tokkollee deebi'ee hin ka'u. Haaromsi tokkollee yoomiyyuu deebi'ee hin dhufu. Dhaloota uumamaatiin jireenya Waaqayyoo of keessaa qabaachuu hin danda'u. Sun haaromsa waaqarraa barbaada. Barri dhumaa kun ibidda haaromsa Pheenxeqoosxee irraa kan jaqabame yoo ta'u, isaanis battaluma sanatti gurmeessan. Dubbicha

fudhachuu mannaa yaada mataa isaanii fudhatanii waan barri hundi hojjete hojjetan—Dubbicha maanuwaaliidhaan bakka buusan. Maanuwaalii sana keessaa ala baanaan waan sirra ga'u arguuf jirta. Obboleessaa, alatti gadi darbatamta. Isaan isin ari'atanii Waaqayyotti maxxansu. Jaarmiyaa isaanii attam jaallatu! Waan nama ajaa'ibu miti. Isaan dhaloota lammaffaa Pheenxeqoosxee waan ta'aniif Waaqayyo immoo ilmaan akaakayyuu ta'uuf waan hin qabneef isaan kan abbaa isaanii warra qanoonaa fi waaqeffaannaa amalaatiin beekamanii ti. Waan duraan turan haasa'uu danda'u, garuu dhala sana godhachuu hin danda'an. Yeroo tokko balaqqee ifaa argataniiru, kan isaan hafe bakakkaa qofa.

Garuu waa'ee ulfina sosochii isaanii isinitti haa himan. Isaan, "Eeyyee gooftaa, kun sochii namni tokkollee hin jaqabin ta'uu isaa akka bartu nan barbaada. Fedha namaatiin miti. Hafuurichi guutummaa biyya lafaatti bu'e. Eeyyee gooftaa, isuma isaan guyyaa Pheenxeqoosxeetti argatan arganne. Innis kan namaa utuu hin taane kan Waaqayyoo ti " isiniin jedhu. YOOS MAALIIF HAALUMA SANAAN ITTI FUFUU DHIISAN REE? UTUU WAAQAYYOTU JALQABE TA'EE ITTI FUFEE HIN XUMURUU REE? Waaqayyo kitaaba qajeelfama qanoonaa, foormulaa fi doogimaa barreessee ittiin hin jalqabne erga ta'ee, mirga sana gochuu eessaa argatan?

Waaqayyo Hafuura Isaa Baaptistoota, Meetodistoota, Naazareenota, Presbiteriyaanota,, Adveentistoota, Biraazerenoota, 'Church of God (maqaan hedduu qabu) fi kkf irratti dhangalaase. Obboloonni kun hunduu barsiisa, dambii ittiin bulmaataa, maanuwaalii waldaa fi kkf adda addaa adda addaatiin guddifaman. Waaqayyo hunda isaanii gama tokkotti hare; dispenseeshinaal tiyoorii isaanii ballaeessuudhaan kennaawwan hafuuraa deebisee kaleessa kan ture, har'as baraa baraanis isuma sana ta'uu Isaa mirkaneesse. Pheenxeqoostaalonni gurmaa'ina isaanii irraa waa barataniiruu? Lakki obboo. Isaanis battaluma duubatti deebi'anii gurmaa'uudhaan kitaaba baratаa, dambii ittiin bulmaataa, maanuwaalii waldaa, kitaaba feeloshiippii fi kkf mataa isaanii barreessan, kanas yaada tokko sammuu keessa kaa'achuudhaan godhan, innis amma dhugaa hunda akka qaban, deebii gaaffii hundaa akka beekan, kanaafis fira Waaqayyoo isa karaa beeku akka ta'an, karicha warra kaanitti agariisuu akka danda'anittis Waaqayyo akka isaan muude dhugoomsuuf turan. Garuu mudama sana hin qaban. Akkuma garee keessaa ba'aniitti of diqaalomasan. Misirrottii ta'uu yoo barbaadan akkuma abbootii isaa warra jalqabaatti ba'uu qabu.

Isaan akkuma warra kaan hundaa ta'an. Haaromsi (revival) xumurameera. Isaan maqaadhaan jiru malee du'oo dha. Isaan jaarmiyaa ofitti fudhataniiru, yeroo hundaa immoo waa'ee Hafuura Waaqayyoo in odeessu. Isaan waa'ee mirkaneeffannaa Hafuura Qulqulluu in haasa'u. Seexannis afaan haaraa dubbachuuakka danda'u garuu in irraanfatan. Haasaa wallaalchisaa isa kan Baabeltu isaan gidduu jira, isaan garuu Hafuura Waaqayyooti jedhu. Silaa isa Waaqayyo namatti dubbachuu qabu, utuu namni Waaqayyotti dubbatuu ammas irra deebinee argaa jirra.

Amma waanan jedheef asumztti na arrabsuu barbaaddu ta'a. Tole. Isaan Nuyi Pheenxeqooteedha Guutuu Wangeelaatis ofiin jedhu. Mee haa mirkaneessan. Guyyaa Ayyaana Pheenxeqosxeetti ibiddi duumeessa keessaan dhufee manicha guute, wanti akka arraba ibiddaas gargar tamsa'anii tokkon tokkon isaanii irra taa'an. Ibiddichi meerre ree? Guyyaa Ayyaana Pheenxeqoosxeetti afaan garaa garaa kan dubbatan yoo ta'u namoonni dhaggeeffatanis afaanicha ni hubatan. Sun meerre ree? Tuutni amantootaa hundi akka maatii tokkootti jiraatan. Warri Pheenxeqoostaalii akkuma garee seenaa keessatti yaadataman hundaatti akka malee wal qoodaniiru. Namni tokkollee waldaa jalqabaatti of makamuuf ija hin jabaanne, Waaqayyo qofaatu itti dabale. Isaan kun akkuma warra kaanii re'oota baay'ee of keessaa qabu. Nuyi Wangeela guutuudha ofiin jedhu, garuu mirkaneessuu hin danda'an. Waldoonni isaanii akkuma kamiiyyuu humnicha irraa bilisa dha. Isaan Wangeela guutuu taaan, guyyaa Pheenxeqoosxeetti namoonni Wangeela guutuu turan isa Macaafni Qulqulluu jedhu dogoggora jedhanii amanuu wayya. "Jijjiiramni guddaan na keessa jira" jedhanii faarfatu. sirrii dha. Garuu jijjiiramichi gara waan gaariitti hin turre.

Yeroon gara Waaqayyootti deebinu amma. Isaan maqaaf jiru malee du'oodha. Afaan haaraan haaromsaa mirkaneessa miti. Inni du'a mirkaneessa. Afaan haaraa sirni ayyaana amantii Yihudootaa xumuramee jalqabbiin bara haaraan akka labsame mirkaneessa. Afaan haaraa inni bara har'aa baroota waldaa warra Yihudoota hin ta'inii irratti golgaa gadi harkisaa waan jiruuf Wangeelli gara Yihudootaatti deebi'aa jira. Namoonni labsii sochii Hafuuraa guddaa godhanii waa'ee afaan haaraa dubbachaa jiru. Bidiruun isaan jala darbeera. Dhugaan jiru garuu yaada, sagantaa fi mootummaa namaa hundumaatti xumurri ta'ee, mootummaan Waaqayyoo immoo seenaa akka jiru labsaa jira. Namoota Waaqayyoo dammaqaa. Dammaqaa!

Yoo kun dhugaa isinitti hin fakkaatu ta'e kana qofa dhaggeeffadhaa. Addunyaa guutuutti garee Pheenxeqoostaalii fi Fandaamentaalii lachuu daldaltoota gurmeessaa jiru. Isaan waamicha Waaqayyoo malee ofumaan waltajjii weeraraniiru. Isaan qurxummi-qabduu namootaa fi hundeessitoota sochii Waaqayyoo of fakkeessanii jiru, tajaajilli kennaa Efesoon 4:10-13 Waaqayyo waldaadhaaf kenne hafeera waan ta'eefis ishee to'achaa jirra jedhu. Kunoo sirritti raawwii raajii, akkuma Qoraahi mormanii Waaqayyo irratti ka'uu isaaniitiin jedhamee gidduu jirra, isaan garuu akka dubbii raajii sana raawwatan illee hin beekan. Dhugaa lallabuu mannaa dunuunfatanii muuxannoo lallabaa jiru. Waaqayyo isaaniitti haa araaramu. Utuu isaanitti hin dhi'in iji isaanii haa banamu. Oo, na dhaggeeffadhaa. Badhaadhummaan horii,

geggeessummaan hawaasummaa, dandeettiin daldalaa ykn dandeettiin sammuu yoom ga'umsa namni tokko geggeessummaa hafuuraatiif qabu ta'ee beeka ykn Dubbii Waaqayyoof madaallii kaasee beeka? Akkasumas hojii Hafuurri Qulqulluu QOFTI hojjetu irraa mulqinee karaa kamiinuu qabeenya ykn dandeettii namaa akka miidiyaa Waaqayyo ittiin hojjetuutti mul'isuu yeroo jalqabnu, Waaqayyoon lolaa jirra malee Isaaf lolaa jirra miti.

Amma dhuga baatuu biratti nan dubbadha. An jaarsolii waldaa keessa irratti ka'ee dubbachaa hin jiru. Lakki obboo. Jaarsi sun hiyyeessa akka nama hiyyeessa gadadamaa tokkoo ta'uu danda'a, yookiins immoo sooressa adduyaa kanaa beekamaa ta'uus danda'a; hamma yaada garaa fi hojii isaatiin ga'aa ta'etti inni jaarsa waldaa ti. Nama tokko haaldurewwan Hafuuraa diiyaaqonii yookiis jaarsa waldaa isa taasisu hamma qabaatetti, caasaa galii isaatii yookiis sadarkaa hawaasaa inni keessa jiraatu ilaalcha keessa utuun hin galchin isa muuduu kootti hin gaabbu. Caasaan dinagdee yookiis caasaan hawaasaa utuu waldaa keessa seenuu yoo argitan garuu, isa kana egaa inni hoolota adda qoodee bittimsu; inni akkasii kan Waaqayyoo miti. Inni kun milikkita kan biraa isa fooniin sooromuu fi Hafuuraan hiyyoomuu Bara Laa'diiqeyaa amma keessa jiraachaa jirruu ti.

“Hiyyummaa kee ani beeka.” Lakkoofsuma sana keessatti hiyyummaan isaanii wal ga'ii Seexanaa wajjin walitti dhufeenya akka qabu hubattaniittuu? Eeyyee, yeroo hundumaa namoota muraasa Waaqayyoon tajaajilan kan dhiibee baasu jaarmiyaa sooressa humna guddaa qabuudha. Gaafa Hafuurri Waaqayyoo garaa namootaa keessa socho'u eenyutu gamoo fi qabeenya irraa dhiibama? Tuutni xiqqaa yeroo hunda jaarmiyaa guddaadhaan ni dhaba. Sana booda eessa dhaqu? Akkuma yeroo gara holqa dhagaa awwaalaa dhaqanitti mana, ona mankuusaa fi mana lafa jalaa keessatti waaqeffatu.

Namoonni kun qabeenya biyya lafaatiin hiyyeeyyii turan. Kun shakkii hin qabu. Hafuuraan garuu sooressoota turan.

“Hamaa si irratti dubbachuu isaanii ani beeka.” Akka yaada kanaatti sobdoonni kun amma Waaqayyoon arrabsaa jiru miti, arrabsuun isaanii waan hin oolle ta'us. Garuu waldaa dhugaa arrabsaa jiru. Yeroo hundumaa akkas ta'a. Yihudoonni Yerusaalem jalqabatti waldattii arrabsaniiru. Paagaanonni Yihudoota hin ta'inis akkasuma godhaniiru. Namni hamaan irratti dubbatamuuf deemu yoo jiraate, yoomiyyuu sanyii dhugaa ta'a. Bara Neerootti balaa qaqqabu hundumaaf Kiristaanotatti hammeessu turan —gubachuu Roomaatiif illee. Biyyoota komunistii keessatti hammam baay'ee muraasa yoo ta'an illee yeroo hunda kan jalqaba dhabamsiifamu tuuta xiqqaadha. Kiristiyaanonni namoota amanamoo gaarii ta'an, wanta gaarii qofa kan hojjetan ta'anis, yeroo hundumaa hamma dhumaatti ari'atamni isaan irra ga'a, kunis qaamaan akka badaniif isaan irra ga'a.

Sababni kun akkas ta'eefis warra Waaqayyo malee jiraatan waan ifataniifi. Jal'oota duratti akkuma agguudduu qaba harkaa kophaa dhaabatan. Qajeeloonni waan gaarii hojjechuu barbaadan malee miidhaa tokkollee jal'oota irratti raawwachuu hin yaadne, isaan yeroo hundumaa akkuma Yohaannis Cuuphaa Heroodis dura dhaabatetti isaan dura dhaabatan. Sababni isaas Yohaannis dheekkamsa Waaqayyoo jalaa isaan oolchuu malee Heroodisis ta'e haadha manaa isaa miidhuu hin barbaanne. Kunis hubannoo dogoggoraa fi guutummaatti dura dhaabachuu qofa osoo hin taane, Yohaannis sababa sanaan ajjeefame. Sabni Waaqayyoo amma iyyuu gaarummaa hojjetan hundumaaf wal ga'ii duratti baafamanii in leeyyaasifamu in ajjeefamus. Saba qalbii dhabee warra waan gaarii isaaniif hojjeteef hamaa deebisu duuba humni hamaan tokko akka jiru beekamaadha. Eeyyee humna akkasiitu jira. Innis Seexana dha. Deebiin isaa lakkoofsa itti aanu keessa jira.

**Rakkina Waggoota Kudhanii**

Mul'ata 2:10,

> *“Dhiphina isa sitti dhufuuf jiru hin sodaatin! Kunoo, Seexanni, akka isin qoramtanii ilaalamtaniif, isin keessaa kaan mana hidhaatti akka galfamtan gochuuf jedha; guyyaa kudhaniif rakkina argachuuf jirtu; du'a yoo sitti fide iyyuu ati hamma du'aatti amanamaa ta'i! Ani immoo gonfoo ittiin jireenya argatan siifan kenna.”*

Yeroo Gooftaan dubbii, “Hin sodaatin” jedhu dubbatu hundumaatti, taatee balaa guddaa, gidiraa fi qabeenya ofii saamamuu of keessaa qabutu ol seenuuf balbala ga'ee jira. Inni nama nama dheekkamuutti, “Rakkinni sitti dhufaa jira” hin jedhu. Sun silaa nama sodaachisa ture. Garuu akkuma haati ibsaa dhaamsuuf jettu tokko mucaan ishee akka hin sodaanneef suuta jettee,“Amma ibsaan waan dhaamuuf dukkana hin sodaatin. Sii wajjin akkan jiru yaadadhu” jettuuti. Innis, “Nama yookiis waan namani sirratti hojjetu hin sodaatin. Ani si wajjin nan jira, ayyaanni Koo si ga'a. Yommuu galaana ceetu si hin liqimsu. Du'a keessatti iyyuu hin mo'amtu. Ati warra in mo'u jedhaman iyyuu in caalta” jedha.

Ergamaa guddichi Phaawulos, muuxannoo isaa irraa ka'ee dhugummaa jecha kanaa waan beekuuf Roomaa 8:35-39 keessatti akkas jedhee barreesse,

> *“Eenyutu jaalala Kristosittii gargara nu baasa? Gidiraan yookis muddamni, ari'atamuun,*

*beelli yookiis qullaa ta'uun, sodaachifamuun yookiis billaan gargara nu baasuu danda'aa ree?*

*'Sababii keetiif namoonni guyyaa guyyaatti nu keessaa in ajjeefamu, akka hoolota qalamuuf jedhaniitti lakkaa'amnee jirra' kan jedhu caafameera.*

*Waan nu irra ga'e hundumaatti garuu, karaa isa nu jaallatee mo'icha guddaa arganna.*

*Duuni, jireenyi, ergamoonni waaqa irraa, warri bantii waaqaa keessatti aboo qabu jedhamanii sodaataman, wanti amma jiru, wanti dhufuuf jirus hundinuu, wanti humna agarsiisuu danda'us, jaalala Waaqayyoottii gargara akka nu hin baafne ani beeka.*

*Wanti ol ka'ee jiru, wanti gadi fagaatee jiru, uumama keessaa wanti biraas, jaalala Waaqayyoo isa karaa gooftaa keenyaa Kristos Yesus nuuf dhufettii, danda'ee gargar nu hin baasu."*

Lakki, nuyi hin sodaannu. Jaalalli Isaa soda hundumaa haree balleessa.

66Amma waan Inni jedhu hubadhaa, "Kunoo, Seexanni, akka isin qoramtanii ilaalamtaniif, isin keessaa kaan mana hidhaatti akka galfamtan gochuuf jedha." Yihudoonni yeroo sanatti akkas gochaa turan. Luboonni paagaanii yeroo sanatti akkas gochaa turan. Bulchitoonni ummanni dirree daawwii akkasii waan jaallataniif isaan biratti fudhatama argachuuf yaalan, Kiristaanota kumaatamaan gadi daddarbatanii, leencotaan giladiyaatarootaanis ajjeesanii balleessan. Seexanni maal wal qabata ree? Maaliif isa komachuun? Aha, eeyyee, garuu kana hundumaa duuba jibba seexanaatu jira. Waaqayyoon waan jibbuuf sana hundumaa duuba isatu jira. Waan Waaqayyo garaa Isaa irra kaa'e, Seexann balleessuuf yaaluun waan hafu miti. Garuu akeekkadhaa. Ifi wayii kunooti. Yihudoota Kiristaanota yaa'ii duratti dhi'eessaa jiran duuba Seexanatu jira yoo ta'e, amantiin Yihudootaa kan Waaqayyoo osoo hin ta'in kan hafuura hamaa ti. Walga'iin isaaniis wal ga'ii hafuura hamaa ti. Akkasumas Waldaan Kaatolikii Roomaa Bara Dukkanaatti amantoota baay'ee ajjeesteetti yoo ta'e, eeyyee bara hundumaatti ajjeefteetti, isaanis kan hafuura hamaa kan Seexanaatis.

Egaa kun waan nama rifachiisu yoo isinitti fakkaate, hamma raajiin Mul'ata 13 raawwatamutti qofa eegaa. Ameerikaan boqonnaa sana keessa jiraachuun ishee dhugaa nama nama naasisu dha. Lakkoofsumti kudha sadii iyyuu mallattoo biyya kanaati. Kolonii kudha sadii irraa jalabde. Alaabaan ishee urjii kudha sadii fi sarara kudha sadii qaba. Hireen ishees boqonnaa 13ffaa keessa jira. Hammeenyi bineensa isa duraa hunduu, bifa fakkeenyaa boqonnaa kana keessatti eeramee keessa jira. Akkuma bineensichi Yaa'ii Niqiyaa irratti ka'e, bifti fakkeenyaa sunis warra Waaqayyo malee jiraatanii fi humna Seexanaa hundumaa ba'ee dheekkamsa hafuura hamaa muka wayinii Waaqayyoo isa dhugaa irratti dhangalaasuuf Mana Maree Waldoota Addunyaa keessaa ni ka'a. Haxxummaa fi gara jabummaan hojii seexanaa ammas irra deebi'uuf jira.

Waaqayyoof jedhanii warra gad of deebisan warri lolan, itti qoosanii fi ajjeesan—haa godhan. Waanuma jaallatan isaan irratti ni raawwatu. Kana hundumaas Maqaa Waaqayyoo fi amantiin in raawwatu. Garuu ni sobu. Isaan kan Waaqayyoo miti. Isaan kan abbaa isaanii kan seexanaa ti. Isaan, gocha nama irratti raawwatan kanaan kan eenyuu akka ta'an bakkeetti baasu. Wal gurmeessanii warra xixinnaayyoo sana haa jibban. Kanaanis kan seexanaa ta'uu isaanii caalaatti nama hundumaatti in mul'isu. Isaan muka wayinii sobaa ti, jechuunis muka wayinii nama ajjeesuu ti. Jibbi isaanii eenyu akka ta'an mirkaneessa. Waldaan Niqolaawota mormituu Kiristoos isaanidha.

"Mana hidhaatti in galfamu." Eeyyee, mana murtiitti dhi'eeffamanii sobaan himataman, yakkas isaanitti muranii mana hidhaatti guuran. Egaa sana hundumaa maqaa amantii, safuu fi goolama nagaa namootaatiin raawwatu. Hundi isaanii akeeka gaariitiif sana akka godhan himatu. Sun immoo waa'ee murtii Manni Murtii Olaanaa kadhannaa fi dubbisa Macaafa Qulqulluu manneen barnootaa keessatti godhamu ilaalchisee kennee sana akkan yaadu na taasisa. Eenyutu duuba jira? Seexana. Innis aarii Waaqayyoon mormuuf dho'ee ba'e kan biraa ti.

"Guyyaa kudhaniif rakkina argachuuf jirtu." Kun raajii dubbatame dha. Innis mala umurii bara Simiirnaa murteessuuf gargaaru gargaaru dha. Mootota hundumaa caalaa gara jabeessa kan ta'e Diyooqlishiyaan qulqulloota Waaqayyoo irratti duula shororkeessummaa banee, utuu araarri Waaqayyoo hin jirree silaa amantoota hunda duguugee ballassa ture. Innis seenaa keessatti duula dhiiga dhangalaasuudhaan qixxee hin qabne yoo ta'u, waggaa kudhan (guyyoota kurnan Mul'ata 2:10b) bara 302 hanga 312tti kan hammate ture.

"*Ati hamma du'aatti amanamaa ta'i.*" Hanga du'aatti amanamaa ta'aa hin jedhu, hamma du'aatti jedha malee. Tarii dhuga ba'umsa keessan dhiiga keessaniin barreessuu qabdu ta'a. Kumaatamaan, eeyyee miliyoonaan kan lakkaa'aman, bara hundumaa keessatti du'aniiru. Amanaa ta'uu isaaniitiif du'an. Akkuma Antiiphaas dhuga baatuu amanamaa sanatti wareegaman, hamma du'aatti amanamaa ta'an malee lubbuu isaanii hin mararfanne. Yeroo baayyee wareegamaa ta'uun tasumaa waan danda'amu miti jennee yaadna. Garuu amantiin Kiristoos Yesuus keessatti mo'uuf guyyaa guyyaadhaan itti dhimma baanu

amantii isuma Poolikaarpii fi wareegamtoota hunda gargaare akka ta'e yaadachuuf ija jabaadhaa.

"Ani immoo gonfoo ittiin jireenya argatan siifan kenna." Gatiin nama Maqaa Gooftaatiif jedhee bishaan birciqqoo tokko kennuu iyyuu badhaasa erga qabaate, badhaasi nama Maqaa Gooftaa Yesusiif jedhee lubbuu isaa wareeguu hangam guddaa in ta'a. Tarii gonfoo kana gonfoo fiigicha irratti nama injifateeef kennamuu wajjin yoo wal bira qabnee ilaalle yaada xiqqoo wayii argachuu dandeenya.

1Qorontos 9:24 keessatti Phawuloos akkas jedhe,

> *"Warri wal dorgoman hunduu yoo fiigan iyyuu, kan dura darbee kennaa argatu garuu, tokkicha akka ta'e hin beektaniiree? Isinis akkasuma kennaa sana akka argattaniif fiigaa!"*

Gonfoon nama dorgommii Olompikii injifateef kennamu, faaya damee muka ejersaa ture. Garuu gonfoon Mul'ata keessatti asitti dubbatame, inni warra wareegamaniif kennamu, gonfoo mootummaati. Yesuus gonfoo jiraataa ti jedha. Gonfoon tokko kan warra itti dadhababanii ti; inni kaan kan warra badhaafamanii ti. Gonfoon lamaanuu kan hin samne dha. Lamaanuu kan hin badne dha. Warri jireenya biyya lafaa fiiganii mo'atan yeroo dhiyootti gammachuu biyyi lafaa harka walitti isaaniif dha'uu ni dhabu. Ulfinni isaanii in darba. Warri guyyaa guyyaadhaan itti dadhabuudhaan ykn akka gonfoo aaraasaa lubbuu isaaniitti dhiiga dhangalaasuudhaan lubbuu isaanii Waaqayyoof kennaniif garuu gonfoon jiraataa in kennama.

Yeroon baay'ee xiqqoo ta'etu badhaasa Waaqayyoo isa bara baraa argachuuf dhama'uu irratti dabarfama. Beenyaan Waaqayyoo garmalee salphaatti ilaalama. Yoo dhugaa du'aa ka'uu foonii, jiraachuu mootummaa bara baraattis ni amanna ta'e, qabeenya hin banne isa qulqulloota amanamoof malu sana waaqa irratti kuufachuu qabna.

**Badhaasa Mo'ichaa**

Mul'ata 2:11,

> *"Namni gurra qabu isa hafuurri qulqulluun waldoota Kristaanaatiin jedhu haa dhaga'u! Inni mo'u du'a isa lammaffadhaan hin miidhamu."*

Amma, Hafuurichi ammas bara hundumaatti dubbataa jira. Ergaan kun akkuma obboloota keenya baroota biroo hunda jajjabeesse har'as nu jajjabeessaa jira. Duuti lammataas isin hin miidhu nuun jedhaa jira.

Duuti lammataa haroo ykn kuufama ibiddaa akka ta'e hundi keenya ni beekna.

Mul'ata 20:14,

> "Kana booddees duunii fi mootummaan warra du'anii kuufama ibiddaatti gad in darbataman; kuufamni ibiddaa kun du'a isa lammaffaa dha."

Dhugaadha sana jechuun warri achi keessa turan hundi, gara kuufama ibiddaatti darbataman jechuudha. Amma egaa, waan tokko asitti ifa isiniif baasuun barbaada. Innis barsiisa koo isa haaraa irratti namoonni yaada akka kennan akka taasisu shakkii hin qabu.

Garuu ani aboo Sagalee Waaqayyoo irra dhaabadhee namni hin amanne tokko gara si'ool bara baraa (eternal hell) deemee bara baraan (eternally) achitti gubata yaada jedhu nan morma. Jalqabuma iyyuu, si'ool, ykn kuufamni ibiddaa, ykn waaan barbaaddan jechuu dandeessu, kan bara baraa (eternal) miti. Ega jalqaba qabaatee akkamitti kan bara baraa ta'uu danda'a? Maatewos 25:41 keessatti, "*Ibiddi bara baraa (everlasting) seexanaa fi ergamoota isaatiif qophaa'e"* jedha. Amma erga wanta qophaa'e ta'e jalqaba qaba jechuu dha. Erga jalqaba qabaatee immoo kan bara baraa (eternal) ta'uu hin danda'u. Yaada jecha 'bara baraa (everlasting)' jedhutti gufachuu akka dandeessan beekamaadha. Garuu jechi sun hiikni isaa "baroota irraa kaasee hanga barootaatti" kan jedhu yoo ta'u, hiika adda addaa itti maxxane qaba. 1Saamu'el 3:13-14tti, manni Elii sana booda akka luboota Isaa ta'anii aarsaa hin dhi'eessinetti mana Elii bara baraan (forever) adabuuf akka jedhu Saamu'eelitti dubbate. 2Moototа 2:27 keessattis, Solomoon hidda dhaloota Elii warra dhumaa lubummaa keessaa dhiibee baase. Sunis dhaloota afuriifi sanaa ol booda ture. Amma "bara baraan (forever)" waan "bara baraa (eternal)" ta'ee wajjin wal hin madaalu, ykn isa jalqaba ykn dhuma hin qabnee wajjin akka wal hin madaalle hubachuu dandeessu. Asirratti haala kana keessatti jechi bara baraa (everlasting) jedhu "hanga badutti" jechuudha. Kan ta'es kanuma. Isaanis ni badan.

Mee jecha, "badiisa (destruction)" jedhu kan 2Tasaloonqee 1:9 irra jiru ilaalaa.

> *"Isaan kun...badiisa bara baraatiin in adabamu."*

Afaan Giriikiitiin, "badiisa" jechuun karaa poosatiivii ta'een balleessuu (annihilation) jechuudha. Jechi, "badiisa" jedhu immoo, balleessuu jechuu MITI. Amma "balleessuu" jechuun wanti tokko badee itti

fufiinsaan bososuu jechuudha. Kanaafuu, badiisa bara baraa (everlasting annihilation) jechuun maal jechuudha? Balleessuu (annihilating) itti fufuu jechuu miti, yoo akkas ta'e sun jecha "balleessuu (destroying)" jedhu akka ta'u taasisa, "badiisa" osoo hin taane. Hanga xumuraatti balleessuu jechuudha. Xumuruu dha.

Amma egaa, yommuu jecha "bara baraa (eternal)" jedhu karaa barsifamaa tureen alatti itti fayyadamnu, isin ajaa'ibsiisuun isaa hin oolu. Sun salphaadha. Waaqayyoo wajjin yeroo wal qabatutti jalqaba ykn dhuma kan hin qabne, yeroo hundumaa kan dadhabnee fi kan hin dhaabbanne jechuudha. Waa'ee jireenya bara baraa yeroo dubbattanitti immoo jireenya Waaqayyoo sammuu keessan keessatti qabadhaa. "Waaqayyo jireenya bara baraa nuuf kenne; egaa dhugaan isa kana; jireenyi bara baraa kunis ilma isaa keessatti argama. Namni ilma Waaqayyoo qabaatu jireenya qaba; namni ilma Waaqayyoo hin qabaanne, jireenyicha hin qabu." Amma egaa, jireenya bara baraa kan qaban ilmaan Waaqayyoo, warra gonkumaa jalqaba hin qabne, garuu yeroo hundumaa turan qofadha. Sirriidha. Yeroo ammaa kana waan kan bara baraa ta'e of keessaa qabdu—jalqabaa fi dhuma kan hin qabne. Innis Hafuura Waaqayyooti. Innis dhagna Waaqayyoo mataa isaati. Innis jireenya Waaqayyooti.

Cubbamaan gara qileetti deemaa jiru tokko dhiphina isa isin warri gara waaqaa deemtanii jireenya waaqarraa dhandhamuuf keessa darbaa jirtan keessa in darba yoo ta'e, innis jireenyu isa isin durumaan argattan kana in qabaata.

Gaariidha, egaa jireenyi bara baraa nageenya ijoollee Waaqayyoo agarsiisa kan jedhan jiraachuu danda'u. Nageenyaa fi gammachuu isaaniitu balaa irra bu'aa jira. Gama biraatiin cubbamaan gara adabbii isaa deema, kanaanis du'a lammataa dhimma adabbii fi lafaatti gadi xiqqeessina. Jireenyi bara baraa jechuun waaqarra, adabbiin bara baraa immoo si'ool jechuudha. Namoota akka ogeeyyii ti'ooloojiitti ol kaafaman kanneen sana amanan utuu jiraatanii ni ajaa'ibsiifattu. Garuu sun maal akka godhu beektuu? Jireenya bara baraa Namummaa gochuu dhiisee, teessuma lafaatiin wal qabsiisa. Jireenyi bara baraa Waaqayyo dha, innis Gooftaa Yesus Kristossi dha. Namni attamitti jireenyi bara baraa lafaan wal qabata jedhee amana. Waa'ee kanaa yeroon yaadu sammuutu na joonja'a.

Lakki obbo. Jireenyi bara baraa gosa tokko qofa. Isas Waaqayyotu qaba. Nuyi Waaqayyoon yoo qabaanne jireenya bara baraa Isa keessaa, karaa Isaas qabna.

kanaafuu hubadhaa, jechi kan bara baraa (eternal), ykn bara baraan (everlsating) jedhu sun karaa adda addaatiin hojii irra ooluu ni danda'a, garuu Waaqayyoof wajjin yeroo wal qabatutti, Inni waanuma ture ta'ee jiraachuu Isaatiin hiika tokko qofa qabaata. Innis turtii Waaqayyooti. Akkasitti waan biraa irratti hojii irra oolchuu hin dandeessan. Waaqayyo qofaatu kan bara baraa ti (eternal), Inni waan jiraatuuf nuyis Isaa wajjin jiraanna.

Amma inni kuufama ibiddaa fi adabbiin jiraachuuttu hin amanu anaan hin jedhiin. Sana nan amana. Hammamiif akka turu hin beeku, garuu dhuma irratti ni kaafama. Mul'ata 21:8 keessatti, qoodi warra cubbamoota tarreeffaman sanaa kuufama ibiddaa ti jedha. Hiikkaan inni sirriin garuu, "qooda (part)" utuu hin ta'in, "yeroo (time)" dha. Akkasitti hubadhaa.

Kanaaf jal'oonni gara si'oolitti (gara iddoo lafa jalaatti) si'oo immoo gara kuufama ibiddaatti ni darbatama. Waaqayyo irraa adda ba'uu dha. Sun akkam sodaachiisaa dha!

Warra qajeelotaaf garuu akkas hin ta'u. Isaan sodaachuu hin qaban. Isaan Waaqayyoon furmaniiru. Isaan bobaa (bosom) Isaa keessa jiru. Isaan warra mo'anidha. Inni mo'u immoo eenyu? Nama Yesuus Kiristoos ta'uu Isaa amanudha.

Mo'ataan kun, amanaan kun maaliif miliqee, gara naannoo (realm) jireenya bara baraa fi gammachuutti seena? Sababni isaas Yesuus hidhaa cubbuu jalaa nu furuuf gatii (ransom) kaffaleera. Inni qaawwa addaan bahuu guute, nu warri fagoo turres amma dhiigaan itti dhi'aannee jirra.

Isaan egaa yoomiyyuu gara firdiitti hin dhi'aatan. Isaan yoomiyyuu kuufama ibiddaa sana keessa hin bu'an. Inni isaan keessaa tokkollee waan hin ganneef isaan gonkumaa hin badan. Warra furaman keessaa tokkollee iddoo Yesus jiraatu malee eessayyuu hin jiraatan.

Sun maaliif akkas ta'a beektuu? Fakkeenyaanan isiniif ibsa. Mucaa xinnoo Yoseef jedhamun qaba. Waan fedhe haa ta'uu inni dhagna kooti. Utuun sooressa ta'ee wanti hamaan ani isarratti gochuu danda'u yoo jiraate dhaala irraa mulquu ta'a, garuu gonkumaa isa haaluu hin danda'u. Inni qaama koo waan ta'eef isa haaluu hin danda'u. Kanarratti, mee qorannoo dhiigaa haa geggeessinu. Dhiiga isaas kan koo waliin wal haa simu. Sun Yooseef ilma koo ta'uu isaa mirkaneessa. Inni kan kooti.

Nama Waaqayyoo ta'uu fi dhiisuu keessan kan mirkaneessu qorannoo dhiigaati.

Yeroon Kutaa Koloraadootii Herefoorditti beellada bobbaasee eegaa turee tokko hin irraanfadhu. Loowwan sana lafa mootummaa irra dheechifanna yoo ta'e, loowwan keenya sanyii qulqulluu ta'uu isaanii dura qorachiisuu qabna. Loon taagii dhiigaa gurrattii hin qabne iddoo dheedichaa sanatti ol hin galchan

turan. Milikkinni itti godhamu sun sanyii qulqulluu irraa dhalachuu loon sanaa mirkaneessa. Namichi to'atee dabarsu sun bifa ishee hin ilaalu. Dhiigichi dhiiga sirrii ta'uu isaa qofaaf xiyyeeffatanii taagii sana ilaalu. Haaleeluyyaa. Dhiigichi dhiiga sirrii taanaan, sirrii dha jechuu dha.

Waaqayyo gadi ilaalee, "Lubbuun isa cubbuu hojjetuu haa du'u. Inni Ana irraa adda ba'eera. Inni Anatti dhi'aachuu hin danda'u" jedhee labsii akka baase in beektu. Hunduu yakkaniiru, ulfinni Waaqayyoos isaanitti hir'ateera kan jedhu in beekna. Kana jechuun, hunduu du'aniiru, hunduu addaan ba'aniiru, guyyaan tokko yeroon jireenya ykn lubbuun xiqqoon sun illee baafamaniiru, guyyaan tokko, guyyaan lubbuun xiqqoon sun illee keessaa harattee itti badduu baatu in dhufa. Garuu Waaqayyo jaalalaan, iddoo lubbuu nama cubbamaa buusee lubbuu horii fudhate.

Kakuu Moofaa keessatti cubbamaan hoolaa aarsaa dhi'eessa ture. Utuu lubi morma hoolaa kutaa jiruus harka isaa hoolicha irra kaa'a ture. Innis akka waan ofii dhiigaa jiruu fi ofii boo'ee mar'ataa jiruutti lakkaa'a ture. Akka waan ofii du'ee gogeettis in lakkaa'a ture. Aarri dhiiga facaafamees utuu gara Waaqayyootti ol ba'uu in ilaala ture. Hoolichi iddoo isaa akka bu'e in beeka ture. Lubbuun hoolichaa iddoo lubbuu isaa bu'ee akka fudhatame in beeka ture. Lubbuun hoolaa garuu lubbuu bineensaa waan ta'eef deebi'ee cubbamaa sana irratti bu'ee isa qulqulleessuu hin dandeenye. Kanaafis cubbuu hojjechuuf fedhii duraan qabuu wajjin hafe. Inni cubbuu sammuu isaa keessatti qabatee ba'ee, deebi'ee waggaa tokko booda waanuma sanaaf aarsaa in dhi'eessa ture.

Kakuu Haaraa keessatti garuu akkas miti. Hoolichi inni iddoo keenya bu'ee qalamu sun Ilma Waaqayyoo isa dhiiga Isaa namoota baay'eedhaaf gartii furii godhee kaffale dha. Amantiidhaan ol deemnee harka keenya Hoolicha irra in keenya—madaa Isaa dhiigaan laaqame, dirmammuu dugda Isaa, gonfoo qoraattii hammeenyaa isa adda Isaa wawwaraanu argina—dhukkubbii Isaa in dhukkubsanna, iyya Isaa isa Inni, "Waaqayyo koo, Waaqayyo koo, maaliif Na dhiifte?" jedhus in dhageenya. Achiis maalttu ta'e? Lubbuun seelii dhiigaa caccabe sana dhiisee deeme deebi'ee nama qalbii diddiirrate irra qubate. Lubbuun Isa keessa ture deebi'ee nurra buufate. Kana booda hawwa cubbuu fudhannee hin deebinu, egaa amma jibba hojii fi kajeellaa foonii gonfanneerra.

Mee nu ilaalaa. Lubbuun keenya maali? Seelii xiqqoo tokko kan abbaa keenya irraa dhuftedha. Dubartiin himoogilobiinii hin qabdu. Isheen hanqaaquu qopheessiti; isheen inkubeetara dha. Dhiigni garuu dhiira irraa dhufa. Dubartiin maqaa abbaa manaa kan fudhattuuf kanaafi. Ijoolleen maqaa isaa fudhatu. Haati inkubeetariidha sababiin isaas ijoollee isaa garaatti waan baattuuf.

Furamuu keenyaafis kan ta'e kanuma. Hafuurri Qulqulluu Maariyaam irra bu'e, isheenis Ilma deessee Yesuus jettee moggaafte. Uumaan guddaan gadi bu'ee cubbuu keenyaaf aarsaa ta'e. Dhiigni isaa dhiiga Waaqayyoo ture. Dhugaadha akkas ture. Dhiigni Waaqayyoo in dhangala'e Hafuurris akkuma Inni dhiphinaan du'etti Isa dhiisee deeme. Sana booda LUBBUUN (HAFUURRI) INNUMTI SUN deebi'ee nama cubbamaa qalbii diddiirrate keessa buufatee bilisa isa baase. Sana booda barbaachisaa miti waan ta'eefis cubbamichi waggaa waggaadhaan deebi'ee aarsaa dhi'eessuuf hin deddeebine. Inni aarsaa NAMA TOKKOO al tokkootiin bara baraan aboo cubbuu jalaa birmaduu ba'eera, isa ittiin cubbuu, biyya lafaa, foonii fi seexana irratti mo'u lubbuu Kristoosis argateera.

Sanas Waaqayyotu raawwate. Sana hundumaa Isatu raawwate. Inni biyya lafaa cubbuudhaan abaaramtetti iyyee, "Ani milikkita isiniif nan kenna. Durbi mucaa in deessi. Kunoo, durbi in ulfoofti, ilmas in deessi. Sun milikkita isiniif in ta'a. Innis milikkita bara baraa in ta'a. Ilmi isheen deessus Amaanu'el, Waaqayyo nuu wajjin jiru in ta'a" jedheen.

Waaqayyo seelii dhiigaa karaa kan namaa utuu hin ta'in, karaa Hafuura qulqulluu seelii dhiigaatiin gadi bu'ee, gadameessa durbaa sana keessatti godoo du'aaf akeekame sana ijaare. Inni buruqfamee fayyina akka nuuf fiduuf, sanyiin dubartittii ol seene. Hafuurri Qulqulluun Maariyaam irratti yommuu bu'e, gadameessa ishee keessatti seelii baay'achuudhaan dhagna Gooftaa keenyaa ta'u uume. Seeliin sun ni uumame. Innis Jalqaba Uumama Waaqayyoo ture. Sun Eenyummaa Yesuus dha. Namni Qulqulluun sunis dhiiga qulqulluu kan ta'e dhiiga Waaqayyootiin kan guutame ture. Godoo qulqullaa'aan sunis in dhalate. Akka nama ta'ees in guddate. Gara Yordaanosis in dhaqe, achittis Holaan Aarsaa sun laga Yordaanos jedhamu keessatti Yohaannisiin dhiqame. Aarsaan Fudhatama qabu sun bishaan keessaa yeroo ol ba'ettis Waaqayyo dhufee isa keessa jiraate, Hafuura safara hin qabneenis Isa guute. Yeroo Inni du'ee dhiiga Isaa dhangalaasettis lubbuun Waaqayyoo inni mudaa hin qabne cubbamaa isa Kiristoosiin akka Fayyisaa isaatti fudhatu irratti deebi'uuf birmaduu ba'e.

Oo, attam nama dinqisiisa! Yaahween faltii horii keesstti dhalatee achii boo'a. Yaahween siree hoffaa horiin irraa nyaattu irratti dhalate. Beektota tiyooloojii sobaatiin mataa dhiiteffatanii of tuuluudhaan dhugaa Waaqayyoo gananiif, milikkinni Kee bara baraa kunoo ti. Egaa kooruuf, funyaan qabachuuf, qeequu fi akka nama hin jirree of goonee kooruuf mirga qabna jennee yaadna. Milikkinni keessan inni dhugaan kunoo ti. Inni sirriin isa kana. Yaahwee, akka daa'imaa taphatu. Yaahwee mana mukaa keessa hojjetu. Yaahwee miilla namoota qurximmii qabaniif dhiqu.

"Ani milikkita isiniif nan kenna" jedhe Waaqayyo. "Koolarii adii milikkita lubummaaf kennamu miti.

Malikkita qabeenyaa fi aangoo miti. Mikkita kana keessa wanti isin barbaaddan, ykn mijataadha jettanii yaaddan hin jiru. Garuu milikkita bara baraati. Inni milikkita Hunda caalaa guddaadha." Yaahween yaa'ii dura dhaabsifamee qoraattii mataa Isaa irra kaa'ameen waraanamee dhiige, fuula Isaattis tufanii akka waan waa'ee hin baafneetti itti ga'isan. Yaahween, in tuffatame in jibbames, qullaas fannoorratti fannifame, yeroo kanattis warri oftuuloon fannoo irraa gadi of buusikaa jedhanii Isatti ga'isan. Yaahweetu du'aa jira. Yaahweetu kadhachaa jira, garuu homtuu hin deebineef. Sana booda Yaahween in du'e. Egaa amma sun milikkita nama hundaa ti. Kan akka isaa hin jiru. Inni guddaadha qixxee hin qabu.

Sana booda dukkanni lafa aguuge. Awwaala keessas Isa kaa'an. Hanga kirkirri lafaa dukkana halkanii sana caccabsee, Innis achi keessaa ol ba'utti halkan sadii fi guyyaa sadii achi keessa ciise. Yaahween boolla keessaa ba'e. Yihowaan gara waaqaatti ol ba'e. Achiis Yaahweenn waldaa Isaa keessa jiraachuuf in deebi'e. Yaahween bubbee jabaa fi ibidda boba'uun deebi'ee dhufe. Yaahweenn waldaa Isaa gidduu deddeebi'ee saba Isaatti humna gochuuf deebi'e. Yaahween ammas lammate deebi'ee dhufe, yeroo kanattis saba Isaa keessa turuuf dhufe. Yaahween ammas dhukkubsattoota ni fayyisa, warra du'an in kaasa, Hafuuraanis Ofii Isaa in mul'isa. Yaahweenn deebi'ee dhufe, afaan haaraatiinis in dubbate, hiika isa dubbatamees in kenne.

Yaahweetu gadi bu'ee dubartiin ejjituun sun akka lammata cubbuu hin hojjennetti ol ishee kaase. Inni gara nama machaa'aa of wallaalee boolla kosii keessa ciisuutti gadi bu'e. Eeyyee, Yaahween nama foonii ta'ee mul'achuu fi karaa nama foonii mul'achuuf dhufe. Yaahween dhufe—Waaqayyo nu keessa jiru, abdii ulfinaa ti.

Eeyyee, Yesus dhufee dhiiga isaa dhangalaasee booji'amanii hidhaman birmaduu baase. Innis dhufee hoolota Isaa warra badan fureera. Inni jireenya bara baraa waan isaaniif kenneefis yoomiyyuu hin badan.Inni, isaan keessaa tokko illee hin gatu, guyyaa dhumaatti du'aa isaan kaasa malee.

Haleeluyyaa, duuti lammataa isaan miidhuu hin danda'u. Inni isaan irratti aboo hin qabu. Sababni isaas isaan kan Hoolichaa waan ta'aniif iddoo Inni deemu hundatti Isa duukaa bu'u.

**Hafuura Qulqulluu Baroota Hunda Keessaa**

Mul'ata 2:11,

> *"Namni gurra qabu, isa hafuurri qulqulluun waldoota kristaanaatiin jedhu haa dhaga'u! Inni mo'u du'a isa lammaffaadhaan hin miidhamu."*

Barri waldaa lakkoofsi kun itti hin kaafamne hin jiru. Barri qeenxeen hundi namoota bara hundumaaf gorsa wal fakkaatu qaba. "Namni gurra qabu, isa Hafuurri Qulqulluun jedhu haa dhaga'u." Garuu waan Hafuurri Qulqulluu bara adda addaatti jedhu dhaga'uun namoota hundumaaf gonkumaa hin danda'amu.

1Qorontos 2:6-16,

"Haa ta'u iyyuu malee, ogummaa bara si'anaa, yookiis ogummaa warra biyya lafaa kana seerratanii, ofiis golgolaa'uuf jiranii, yoo ta'uu dhaabaate iyyuu, warra bilchaatan keessatti immoo dubbii ogummaa in dubbanna.

> *Nuyi dubbii dhoksaa ogummaa Waaqayyoo isa hin beekamin ture sana dubbanna; Waaqayyo ulfina isaa irraa akka hirmaannuuf uumamuu biyya lafaa dura ogummaa sana yaadee qopheesse.*
>
> *Warra biyya lafaa kana seerratan keessaa tokko iyyuu ogummaa kana hin hubanne;utuu hubataniiru ta'ee, gooftaa ulfinaa hin fannisan turan.*
>
> *Caaffata qulqullaa'oo keessatti, 'Waan Waaqayyo warra isa jaallataniif qopheesse, iji namaa hin argine, gurri namaa hin dhageenye, yaadni namaas bira hin geenye' in jedha.*
>
> *Waaqayyo garuu hafuura qulqulluudhaan isa kana nutti mul'ise; hafuura qulqulluun waan hundumaa, yaada Waaqayyoo isa gadi fagoo iyyuu qoree bira in ga'a.*
>
> *Waan yaada namaa keessa jiru, hafuuruma namicha keessa jirutu beeka malee nani biraa beekuu hin danda'u; akkasumas hafuuura Waaqayyoo malee, eenyu illee yaada Waaqayyoo hin hubatu.*
>
> *Ammas nuyi isa kennee Waaqayyoo biraa nuuf kenname beekuudhaaf, hafuura isa Waaqayyo biraa dhufe fudhanne malee, hafuura biyya lafaa kanaa hin fudhanne.*
>
> *Kanaafis nuyi dubbii hafuuraa warra hafuuricha argataniif waan hiiknuuf, isa dubbannu barsiisa hafuurichaatiin malee, barsiisa ogummaa namaatiin hin dubbannu.*
>
> *Namni hafuuricha hin argatin, kennaa hafuura Waaqayyoo hin fudhatu; kennaan sun isatti gowwummaa dha. Kennicha gargar baasee shallaguudhaaf iyyuu hafuuricha qabaachuu*

*waan barbaachisuuf, isa hubachuu hin danda'u.*

*Namni hafuura waan hudumaa shallaga, isa garuu namni tokko iyyuu hin shallagu.*

*Caaffanni qulqulla'aan, 'Eenyutu yaada gooftichaa beeka? Eenyutus isa gorsuu danda'a?' jedha."*

Maatewos 13:13-16,

*"Isaan utuma ilaalanii hin argan, utuma dhaggeeffatanii hin dhaga'an, hin hubatanis; kanaafan fakkeenyaan isinitti dubbadha.*

*Ergaa raajiin, Isaayaas dubbate isinitti raawwatameera; inni, 'Dhaga'uu in dhageessu garuu hin hubattan; ilaaluu in ilaaltu, garuu hin argitan.*

*Yaadni garaa saba kanaa hadoodeera'o; gurra isaanii cuqqaalaniiru, ija isaaniis dunuunfachiisaniiru. Silaa'oo, ija isaaniitiin in argu, gurra isaaniitiinis in dhaga'u turan, anis isaan nan fayyisan ture' jedha ture.*

*Iji keesssan garuu waan arganiif, gurri keessanis waan dhaga'aniif ayyaantuu dha."*

Yohannis 8:42-44,

*"Yesus deebisee, 'Waaqayyo utuu abbaa keessan ta'ee, ana in jaallattu turtan; anoo Waaqayyo keessaa ba'ee, dhufeen as jira; isatu ana erge malee, ani ofiin hin dhufne.*

*Maaliif akka ani itti dubbadhu hin hubattan? Dubbii koo dhaga'uu waan hin dandeenyeef hin hubattan.*

*Isin kan abbaa isa tokkoo, kan Seexanaa ti; kajeellaa hamaa isa kan abbaa keessaniis gochuu in feetu. Jalqabumaa jalqabee inni sun nama ajjeesaa ture; dhugaan isa keessa waan hin jirreef, inni dhugaa irra hin dhaabanne. Inni sobaa dha, abbaa sobaa tis; kanaaf yommuu sobu isa garaa isaa keessaa jiru in dubbata' isaaniin jedhe."*

Namni ofii isaatii Waaqayyoon dhaga'uu akka hin dandeenye Caaffata Qulqullaa'oo kana irraa baay'ee ifaadha. Dandeettiin sun Waaqayyoon isaaf kennamuu qaba.

Maatewos 16: 17,

*Kana irratti Yesuus deebisee, 'Yaa Simoon ilma Yoonaa, ati kan ayyaanomte dha! Kana abbaa koo isa waaqa irra jirutu sitti mul'ise malee, yaadni nama foonii sitti hin mul'ifne' jedhe."*

Kutaalee Caaffataa kana yummuu walitti fidnu gareen namootaa tokko qofti akka jiru, gareen namootaa baay'ee adda ta'e kunis tokkoon tokkoon bara isaaniitti waan Hafuurri Qulqulluun jedhu dhaga'uu kan danda'an akka ta'e ni argina. Mul'ata tokko tokkoon baraaf kennamu kan kan fudhatan garee addaa ta'an sanadha. Gareen sun kan Waaqayyooti, sababni isaas gareen dhaga'uu hin dandeenye kan Waaqayyoo miti. (Yohaannis 8:42-44.) Gareen waan Hafuurri jedhu dhaga'uu danda'uu fi mul'ata Isaa fudhatu garee 1Qorontos 2:6-16 keessatti ibsame sana dha. Isaanis warra Hafuura Waaqayyoo qabanidha. Isaanis warra Waaqayyottii dhalataniidha. Isaan Hafuura Isaatiin gara dhagna Gooftaa Yesuus Kiristoositti cuuphamu. Isaan Hafuura Qulqulluun cuuphamu.

Waan amma dubbanne kana daran ifa baasuuf, akkasumas Caaffata Qulqullaa'oo yaada keessa galfamuu qabutti fayyadamnee, Hafuura Qulqulluun kan cuuphame eenyu gaaffi jedhu argachuuf waan Yesus Yohaannis 6:45 irratti dubbate ilaalaa.

*"Macaafa raajotaa keessatti, 'Hundumti isaanii warra Waaqayyo isaan barsiise in ta'u' jedhamee caafameera."*

Garuu gara Isaayaas 54:13 iddoo dubbiin kun irraa fudhatameetti yoo deebine akkasitti dubbifama;

*"Ani Waaqayyo ilmaan kee hundumaa nan barsiisa."*

HUNDUMTI I ISAANII kan jedhu IJOOLLEE Waaqayyoo jedhuu dha. Kanaafuu mirkaneeffannaan ilma Waaqayyoo isa dhugaa ta'uu, (nama Hafuurri Qulqulluun irra bu'ee isa keessa jiraatu) ammas akka nama Hafuurri Qulqulluu Dubbicha barsiiseetti kaa'ameera.

Amma maaliif afaan haaraa dubbachuun mirkaneeffannaa Hafuura qulqulluudhaan cuuphamuu akka hin taane hubachuu dandeessu. Bara kamittuu "Namni afaan haaraa qabu, isa Hafuurri Qulqulluu jedhu haa dubbatu" hin jedhu. Sunis afaan haaraa, hiika isaa, raajii fi kkf akka ragaatti fudhachuu cinatti dhiisa. Ragaan mirkaneeeffannaa isa Hafuurri Qulqulluu jedhu DHAGA'UU dha. Hafuurri Qulqulluu dubbachaa jira. Eeyyee, Hafuurri Qulqulluu barsiisaa jira. Wanti yeroo dhufutti in godha jedhee Yesuus

dubbates sirriitti kanuma.

Yohaannis 14:26,

*"Inni isiniif dubbatu hafuurri qulqulluun, inni abbaan maqaa kootiin ergu garuu, waan hundumaa isin in barsiisa. Waanan isinitti hime hundumaas isin in yaadachiisa."*

Kan ta'es kanuma. Wangeelonni akkasitti barreeffaman. Namoonni kun Dubbii Yesuus dubbate hundumaa Hafuura Qulqulluudhaan sammuu isaaniitti qabatanii turan. Kanaafidha Wangeelonni sirrii kan ta'aniif. Isaan mudaa hin qaban. Garuu Hafuurri Qulqulluu waan hundumaa sammuu isaaniitti yaadachiisuu qofa osoo hin taane dhugaa duraan qaban irratti caalaatti isaan barsiise. Phaawulos mul'atawwan isaa akkasiin argate. Innis waa'ee mul'ata isaa akka jedhe,

*"Ammas yaa obboloota ko! Wangeelli inni ani lallabe, waan namni of keessaa fuudhee dubbate akka hin ta'in, isinittan hima.*

*Yesuus Kiristoos anatti mul'achuu isaatiin Wangeelicha nan argadhe malee ani namattii isa hin fudhanne, namnis ana hin barsiifne."*

Galaatiyaa 1:11-12. Inni Hafuura Qulqulluudhaan barsiifame.

Gaaf tokko Yesuus lafa irra yeroo turetti namni kabajamaan tokko Isa dubbisuuf dhufe. Namichi kun, "*Rabbii akka ati barsiisaa taatee Waaqayyo biraa dhufte nuyi beekna"* jedheen. Yesuus garuu haasaa isaa harkatti kute. Gara Niqoodemoositti garagalee jechoonni Inni dubbate akkasitti hiikamuu danda'u, "Ani barsiisaa MITI. Ani Hoolaa Aarsaa cubbuutiif dhi'aatu dha. Hafuura Kootiin Lammata Dhalachuun akka danda'amu gochaan jira. Garuu Inni Barsiisaa ta'e dhufaa jira. Innis Hafuura Qulqulluudha." Yesuus yeroo lafa irra turetti akka hoolaa, akkasumas akka Raajiitti dhufe. Yeroo deebi'ee Hafuura Isaatiin waldaa irratti bu'e garuu Barsiisaa ta'e.

Bara hundumaattis dhugaa gosa tokko dhageenya. "*Namni gurra qabu, isa Hafuurri Qulqulluu waldootaa Kiristaanaatiin jedhu haa dhaga'u."* Garuu nama Hafuura Qulqulluun guutame qofatu mul'ata bara sanaaf kennamu dhaga'uu danda'a. Namni kan biraa hin danda'u. Lakki obboo. Isaan hin danda'an sababiin isaas Phaawuloos 1Qorontos 2:6-16 irratti sanuma dubbate.

Amma kun isin gammachiisuu qaba. Barsiisi baay'ee adda ta'e qilleensa keessa jira, inni hubannoo dogoggoraa fi miira cimaa baay'ee fidaa jira. Sababni isaas, warri Pheenxeqoostaalii afaan haaraatiin dubbachuun DIRQAMA, kana ta'uudhaa baannaan Hafuura Qulqulluudhaan hin cuuphamne yeroo jedhan, namoonni gurguddoon akka Nooksii, Moodii, Teeylar, Gofoorzii fi kanneen biroo Hafuura Qulqulluu akka hin fudhanne ganaa isaanii ti, yookaan immoo hundi isaanii dhoksaadhaan afaan haaraa dubbataa turan waan deemaa tures quba hin qaban turan jechuu isaanii ti. Amma sun dhugaa miti. Lakki obbo. Sun dogoggora guddaadha. Afaanni haaraa Hafuura Qulqulluun guutamuu isaa hin mirkaneessu. Inni salphumatti mul'annoo (manifestations) Sagalan 1Qorontos 12 keessatti tarreeffaman keessaa isa tokko. Hafuura Qulqulluu afaan biraatiin dubbachaa fudhatta ykn afaan biraa dubbachuudhaan Hafuura Qulqulluu fudhatta kan jedhu Caaffanni Qulqullaa'oon hin jiru. Garuu, "Erga Hafuura Qulqulluun guutamanii booda, afaan hin beekamneen in dubbatan," sana boodas raajii in dubbatan jedha.

Har'a namoota baay'ee biratti namoonni afaan hin beekamne dubbachuudhaan Hafuura Qulqulluu arganna jedhan hundinuu afaan Hafuuraa isa dhugaatiin dubbachuun isaanii akka waan dhugaatti fudhatama. Garuu kun akkas miti sababiin isaas namoonni baay'een kaka'umsa hafuura sobaatiin afaan hin beekamne waan dubbataniif. Amma mee walga'ii keessa jirra haa jennu namootni hundis afaan hin beekamneen dubbachaa jiru haa jennu. Afaan kamtu Hafuura Qulqulluu biraa akka ta'ee fi kamtu seexanaa biraa akka ta'e akkamitti beekuu dandeessu? Ani warra waaqa ormaa waaqessan, iddoo tochituun (wizards) isaanii dhiiga mataa keessaa dhugan, afaan hin beekamneen dubbatan, afaanichas hiikanii fi raajii dubbatan gidduu tureera. Isaan afaaniin haaraatiin barreessuu iyyuu ni danda'u.

Egaa afaan haaraa dubbachuu ragaa mirkaneeffannaa Hafuura Qulqulluu utuu ta'ee, silaa afaan haaraa hundinuu kan Waaqayyoo ta'uu qaba ture. Garuu afaan haaraa dhugaan inni kan Waaqayyoo akka jiruu fi afaan haaraa sobaa inni kan Seexanaa akka jiru namootumti afaan haaraa qaban amananiiru. Kanaafuu gaaffiin koo, "Isa dhugaa ta'e eenyutu beeka? Waan dubbatamu beekuuf eenyutu afaanicha hubata? Kenna isa dhugaa fi isa sobaa adda baasuu eenyutu qaba?" kan jedhu dha. Amma deebii sana yeroo argannu waan itti fufnu ni qabaanna, garuu hanga sanatti, madda afaan sanaa of gaafachuu qabna. Afaan hin beekamne tokko dubbatamee, wanta dubbatame sana qortanii hin ilaaltan yoo ta'e, dhumarratti bakka afaan hunduu kan Waaqayyooti yaada jedhuun gudunfuutti dhuftu. Sunis gara yaada seexanni afaan haaraa hin dubbatu jedhu amanuutti isin geessa. Garuu akkas miti; lakki daqiiqaa tokkoof iyyuu akkas miti. Mishiineriin dhugaa biyya alaa jiru kamiyyuu seexanni afaan biraatiin akka dubbatu sirriitti beeka, akkuma anis muuxannoodhaan beeku kana.

Hayyoonni ti'ooloojii pheenxeqoostaalii namoonni yeroo Hafuura Qulqulluun cuuphamanitti afaan adda addaatiin dubbatu yaada jedhu Caaffanni Qulqullaa'oon akka hin qabne ni amanu. Muuxannoowwan Hojii

Ergamootaa keessatti yeroo shan keessaa sadii namoonni afaan hin beekamneen dubbatan irraa yaadicha akka fudhatan ni amanu. Isaan ragaa Caaffata Qulqullaa'oo tokko malee afaan haaraa gosa lama akka qabu dubbatu. Inni tokko afaan haaraa Hafuura Qulqulluu utuu fudhattanii ittiin dubbattan, 'ragaa (evidence)' yoo ta'u, inni kaan immoo boodarra yoo amantan kennaa afaan haaraa yeroo hunda dubbachuu argachuu dha.

Haa ta'u malee, afaan haaraa akka ragaa fudhannaatti al tokko erga dubbattanii booda, lammata dubbachuu dhiisuu dandeessu jedhu. Kun Dubbicha keessaa eessa akka jiru beekuun ammas dabalataan nu yaaddeessa. Isa keessa hin jiru yoo ta'e, Waaqayyo isa hin dubbanne waan ta'eef nama Dubbiichatti waa dabaluu wayyoo. Garuu dhimma kana irratti wanti isaan Dubbicha keessaa guutummaatti tuffatan tokko jira. 1Qorontoos 13. Innis waa'ee afaan namootaa fi afaan ergamootaa ibsa. Isaan kun afaan beekamaa fi afaan hin beekamne ta'u. Pheenxeqostaalonni ammayyaa'oo Hafuura Qulqulluu afaan hin beekamneen ykn afaan ergamootaatiin dubbatu fudhachuu akka danda'an dubbatu. Isaan gaarii farda dura oolchu, sababiin isaas Hojii Ergamootaa 2 keessatti namoonni loqoda mudaa hin qabne kan warri hin amanne illee utuu hin hafin dhaga'anii fi hubataniin dubbatan.

Amma yeroo Waaqayyo cal'isutti cal'isuu nuuf wayya ture. Iddoo Inni dubbatetti garuu nuyis dubbachuu nuuf wayya ture, waan Inni duraan jedhe nuyis jechuu nuuf wayya ture. Inni ragaa sana nutti hime, yookaan erga Hafuura Qulqulluudhaan cuuphamnee booda Barsiisaa dhufee dhugaa hundumaa nu barsiisu akka qabaannu dha. Garuu Barsiisaan sun barsiisaa KEESSAATI malee barsiisaa alaa miti. Waan dhugaa tokko sa'aatii hundumaa utuu dhaggeeffattanii iyyuu Hafuurichi yoo keessa hin jiraatin mul'ataan isa hin fudhattan. Sun bara Phaawuloositti milikkita Hafuurri Qulqulluu nama keessa jiraachuu ture. Warri Hafuura Qulqulluun guutaman Dubbicha in dhaga'an, in fudhatan ittiinis jiraatan. Warri Hafuuricha hin qabne akka nama foonii qofaatti dhaga'anii, hiika dogongoraas itti kennanii cubbuutti seenan.

Bara hundumaa keessatti, (barri hundumaas bara Hafuurri (Ghost) Qulqulluu amanaa dhugaaf bu'uu ti)—nan jedha, bara hundumaa keessatti ragaa mirkaneeffannaa gosuma tokko ture. Warri Hafuuricha, Barsiisaa sana qaban Dubbicha in dhaga'an, Hafuurri isaan keessa jirus Dubbicha fuudhee isaan barsiise (isaanitti mul'ise); isaanis garee ergamaa fi ergaa isaa dhaga'an, fudhatanii fi itti jiraatanii turan.

Guyyaa ayyaana Pheenxeqoosxeetti, akkasumas guyyaa mana Qorneelewositti Hafuurri Qulqulluu bu'etti mudannowwan walfakkaatan sana lamaan akka ragaa Cuuphaa Hafuura Qulqulluutti duuba deebi'anii kaasuun qorumsa guddaa akka ta'e nan beeka. Taatee lamaan irratti garuu afaanni dubbatame warra dhaggeeffatan biratti kan hubatamu ture. Kun burjaaja'iinsa baabel ammayyoftuu walga'ii Pheenxeqoostaalii irraa baay'ee fagoo dha. Egaa kun sababeeffannaa akkasii akka dhiifnu nu amansiisuuf yoo ga'aa ta'uu dhaabaate, namoota afaan biraatiin dubbatanii hin beekne kanneen jireenya isaanii keessatti mul'annoo saddeettan hafan keessaa kan akka ogummaan dubbachuu, amantii, hafuurota gar gara baasaanii beekuu, beekumsa barsiisuu, warra dhukkubsatan fayyisuu fi dinqii hojjechuu keessaa muraasa qabanii wajjin utuu wal falminee akkam taana? Ilaalchi kun caalaatti kan nama hawwatu yoo ta'u, afaan hin beekamneen dubbachuun kennaa sagalan keessaa isa gadi aanaa ta'u isaa ifatti baasa; kanaafuu namoota afaan haaraatiin hin dubbanne yookiin namoota takkumaa hin dubbanne, garuu warra afaan biraatiin dubbatan caalaa kennaa guddaatti fayyadaman yeroo arginu, barsiisa ykn dokitiriinii akkasii kan duraa caalaa guutummaatti hir'isuu qabna.

Egaa amma, waan Macaafni Qulqulluu hin dubbanne, nuyis dubbachuu akka hin dandeenye arguu dandeessu. Caaffanni Qulqullaa'aan hojiin Hafuura Qulqulluu, mul'achuun Nama Eebbifamaa sanaas dhugaa bara tokkoon tokkoonii gara sanyii dhugaa bara sanaatti fiduu akka ta'e nu barsiisa, yummus Hafuurrichi nama sana keessa yoo jiraate malee namichi dhugaa bara sanaaf dhufe fudhachuu akka hin dandeenye in barra. Ameen. Sun dhuguma sirrii dha. Baroonni kunneen waan tokko ifatti baasu yoo ta'e, dhugumatti ifatti isa ni baasu, dhugaa kanas dhugaa in ba'u.

Amma qaxii kana gudunfuu keenya dura Cuuphaan Hafuura Qulqulluu akka Dubbichaatti maal akka ta'e baay'ee ifa gochuun barbaada. Akka kootti miti, akka keessanittis miti. Akka isa “Gooftaa akkas jedha” jedhuu ta'uu qaba, kana ta'uu baannaan karaa sobaa geggeeffamna. Ameen.

Ittiin jalqabuuf walga'ii koo keessatti tajaajila wangeelaa tokko, ykn ergaa barsiisaa tokko lallabee yeroon xumuru, isan kiyyoo darbadhee deebii namoota irraa eegu ni hubattu. Fuulduratti ba'anii Hafuura Qulqulluu akka fudhatan nan gaafadha. Hiriyoonni koo warri Pheenxeqoostaalii, kana jechuu koo yommuu dhaga'an, namoonni sun duraanuu lammata dhalataniiru waan ta'aniif Hafuura qulqulluudhaan akka cuuphamaniif gara fuulduraatti akka dhufan affeeraa akkan jirutti amanu. Kanaaf warri Hafuuraan guutamoon as ba'anii warra affeerraa Hafuura Qulqulluu fudhachuu simatan akka gargaaraniif yeroon affeeru, jaallatamonni kun akka waan Waaqayyootti harka kennachuu fi afaan hin beekamneen dubbachuu namoota sanaa jajjabeessuuf achi ba'aniitti wal'aansoo ittiin qabu. Kun burjaajii guddaa waan uumeef waanan jechuu barbaade sirriitti isinitti himuun barbaada. Waa'ee cubbamaa gara fuulduraatti ba'ee lammata dhalatuu jechuu kooti, kan jechuunis Hafuura Qulqulluudhaan (Holy Ghost) gara dhagna Kiristoositti cuuphamuu jechuudha kunis sirriitti isuma guyyaa ayyaana Pheenxeqoosxee yeroo waldaan

jalqabdetti raawwatame dha. Jecha biraatiin, Hafuura irraa dhalachuun dhuguma Hafuura qulqulluudhaan cuuphamuudha. Inni tokkoo fi tokkuma.

Egaa asirratti yeroo muraasaaf akka dalga namatti galu nan hubadha, sababiin isaas namoonni baay'een lallabaa Baaptistii ta'ee akkan muudame waan beekaniif akkasumas warri Baaptistii YEROO amantanitti Hafuura Qulqulluu argattu waan jedhaniif, akkasis waan hin taaneef, anis irraa kaachuu isaanii cimsee labseera. “ERGA (SINCE) AMANTANII” Isa fudhattu.

Amma yeroo xiqqoodhaaf wanta isiniif galuu didu akka ta'uuf jedhu nana beeka, innis akkuma namoonni baay'een beekan lallabaa warra Baaptistii tokko dibeen ture, isa warri Baaptistii YEROO (WHEN) amantutti Hafuura Qulqulluun guutamta jedhan dogoggora ta'uu isaa cimseen labse; akkas miti waan ta'eef. Isa kan fudhattan, “ERGA (SINCE) amatanii ti.” Hojii Ergamootaa 19:2-6,

*“'Yeroo amantan (Erga amantanii KJV) Hafuura Qulqulluu fudhattaniittuu?' isaaniin jedhe. Isaan immoo, 'Hafuurri Qulqulluun akka jiru iyyuu nuyi hin hin dhageenye' jedhanii deebisan.*

*Kana irratti Phaawulos, 'Yoos immoo isin maalitti cuuphamtan ree?' jedhe; isaan immoo, 'Cuuphaa Yohannisitti' jedhan.*

*Phaawulos yommus, 'Yohannis isa booddee isa dhufuuf turetti, kana jechuunis Yesusitti akka amanan saba barsiisee, cuuphaa geeddarannaa yaada garaa cuuphe' jedhe.*

*Jarri kana dhaga'anii Maqaa Gooftaa Yesusitti cuuphaman.*

*Yeroo Phaawulos harka isaa isaan irra kaa'etti Hafuurri Qulqulluun isaan irratti bu'e; isaan afaan hin beekamneen haasa'an, raajiis in dubbatan.*“

Kunoo akkasi. Phaawulos, “ERGA amantanii (YEROO amantan miti) fudhattaniittuu” jedhee gaafate. ERGA amannee fudhanna waan ta'eef garaagarummaan guddaa qaba. Efesoon 1:13 irratti jechuma Hojii Ergamootaa 19 keessatti Efesoonitti dubbatametu irra deebi'ame.

*“Isinis immoo ergaa dhugaa, wangeela fayyina keessanii karaa isaa dhageessan; isin warri ERGA dhageessanii itti amantan (yeroo amantan miti), Hafuura Qulqulluu isa abdachiifameen mallatteeffamtaniittu.”*

Amma yaadni koo kunooti. Moodernistoonnii fi Fandaamentaalistoonni (warri jedhaman) keenya baay'een fayyina yeroo murtaa'e tokkootti kan amanan yoo ta'u kunis yeroo baay'ee “murtee irra ga'uu” jedhama, sunis Kiristoosiin fudhachuu ykn lammata dhalachuu jechuu dha. Amma Kiristoosiin fudhachuun Hafuura Isaa fudhachuudha. Hafuura Isaa fudhachuun lammata dhalachuudha. Hafuura Isaa fudhachuun Hafuura Qulqulluudhaan cuuphamuudha. Ameen. Namoonni kun sana ni amanu. Sun waan guddaa dha. Garuu isaan achumatti dhaabbatu. ERGA amantanii BOODAA Hafuura Qulqulluu (Holy Ghost) argattu. Yeroo hundumaa akkas ture, yeroo hundumaas akkas in ta'a. Dubbiin qajeelfamaa jalqabatti namootaaf kenname isa Pheexiroosiin gaafa ayyaana Pheenxeqosxeetti kenname waan ta'eef innis akkas jedheera,

*“Yaada garaa keessanii geeddaradhaa; cubbuun keessan akka isiniif dhiifamuuf, tokko tokkon keessan Maqaa Yesus Kristositti cuuphamaa; kennaa Hafuura Qulqulluus in fudhattu. Abdiin Waaqayyo abdachiise isinii fi ijoollee keessaniif, warra fagaatanii jiraniif, Waaqayyo keenya gooftichi itti waamu hundumaafis.”*

Qajeelfamoonni kunniin waan qabatamaatti guyyaa Pheenxeqoosxee raawwatameen wal bira qabamee yoo ilaalamu deebii kallatti Pheexiroos irraa kennamedha. Wanti ta'es isa Waaqayyo Hafuura Qulqulluu foon qabeessa hundumaa irratti nan dhangalaasa jedhee karaa Yo'el abdachiise dha. Inni yeroo sana dura hin dhangalaafamne ykn yeroo sana dura hin kennine. Inni kun sanadha. Inni KUN Garuu amma booda qalbii diddiirrachuudhaan, Maqaa Gooftaa Yesuus Kiristoosiin cuuphamuudhaan dhufuu qaba, sana booda Waaqayyo warra dhufan guutuuf dirqama qaba. Pheexiroos, yookaan ergamoota keessaa tokko illee, “Lammata dhalachuu qabdu, sana booda Hafuuraa Qulqulluun in guutamtu” jedhee hin beeku.

Kun fakkeenyummaa muuxannoo Hafuura Qulqulluu fudhachuu wajjin walqabatuuti, yeroo itti aanutti yummuu Hafuurri Qulqulluu jara tokko irra bu'etti waan raawwatame sirriitti qalbeeffadhaa.

Hojii Ergamootaa 8:5-17,

*“Filiphos gargaartota keessaa tokko, mandara Samaariyaa tokkotti gad bu'ee, namoota mandarichaatti Kristosin lallabe.*

*Tuutni jaraas gurra qeensanii, dubbii Filiphos dubbate dhaggeeffatan; milikkita inni hojjetes in argan.*

*Hafuuronni hamoonni sagalee guddaadhaan caraananii, namoota baay'ee keessaa ba'an; namoonni baay'een dhagni isaanii gar tokko kan du'e, warri hokkolanis in fayyifaman.*

Kanattis warri mandara sanaa guddaa in gammadan.

*Mandara sana namichi Simoon jedhamu, qoricha namatti gochuu isaatiin namoota sana dinqisiisee, nama guddaa kan ofiin jedhe tokko jira ture.*

*Namoonni mandara sanaa hundinuu xixinnaayyotaa hamma gurguddootaatti dubbiin isaa dhugaa dha jedhanii fudhatanii, 'Namnichi kun, humna Waaqayyoo isa guddaa jedhamee waamamu, of keessaa qaba' jedhan.*

*Isaan, Simoon kun yeroo dheeraadhaa jalqabee qoricha namatti gochuu isaatiin waan isaan dinqisiiseef, isa duukaa rarra'aa turan.*

*Amma garuu namoonni kun Filiphos waa'ee mootummaa Waaqayyyootii fi, waa'ee maqaa Yesus Kristos misiraachoo yommuu isaanitti lallabe amananii, dhiironnis dubartoonnis in cuuphaman.*

*Simoon ofii isaatii iyyuu amanee, erga cuuhamee milikkitaa fi dinqii gurguddaa, Waaqayyo harka Filiphosiin hojjete arginaan dinqifatee Filiphos biraa adeemuu jibbe.*

*Yommus ergamoonni Yerusaalem jiran warri Samaariyaa dubbii Waaqayyoo fudhachuu isaanii dhaga'anii, Phexrosii fi Yohannisin erganiif.*

*Isaan Samaariyaatti gadi bu'anii, hafuura qulqulluu akka argataniif amantootaaf kadhatan.*

*Maqaa gooftaa Yesus duwwaatti cuuphamanii turan malee, hafuurri qulqulluun isaan keessaa nama tokko irratti illee hin buune.*

*Ergamoonni harka isaanii isaan irra kaa'an, isaan immoo hafuura qulqulluu argatan."*

Akka lakkoofsa 12tti, JARRI DUBBICHATTI AMANAN. Sana booda Maqaa Gooftaa Yesustti cuuphaman. Akkata lakkoofsa 16tti garuu, kana hundumaa haa raawwatan malee AMMA IYYUU HAFUURA QULQULLUU HIN ARGANNE. ERGA amananii fi cuuphaa sirrii cuuphamanii BOODA Hafuura Qulqulluu argatan. Sun fakkeenyummaa sirrii akka Pheexiroos Hojii Ergamootaa 2:38-39 irratti bu'uura kaa'ee ti.

Caffanni qulqullaa'aan kan biraan yaada kana irratti ifa dinqisiisaa Galaatiyaa 3:13-14 keessatti argama,

*"...'Namni mukatti rarraafame abaaramaa dha' in jedha.*

*Eebbi Abrahaam argate, karaa Kristos Yesuus saba Waaqayyoo warra hin ta'in hundumaaf akka kennamuuf, hafuura isa Waaqayyo abdachiises amantiidhaan akka fudhannuuf Kristos nu fureera."*

Egaa matumaa, "Eebbi Abrahaam" lammata dhalachuudha, "Hafuurri abdachiifame" immoo Hafuura Qulqulluudhaan Cupphamuudha jedhamee akka taatee adda addaa lamaatti hin dubbatamuu hin danda'u. Kanaafuu Caaffanni Qulqullaa'aan sun akkasitti dubbifama: "Yesuus du'a fannoo du'e, karaa du'uu fi du'aa ka'uu sanaanis eebbi Abrahaam warra Yihudootaa dhiisee gara warra Yihudoota hin ta'inii dhufe. Kunis kan ta'e, Hafuurichi warra Yihudoota hin ta'in bira akka ga'uuf ture."

Waanan amma dubbadhe kana hubachuu jechuun barattoonni maaliif Phaawuloos yeroo kamitti iyyuu "Lammata dhaladhaa, SANA BOODA Hafuura Qulqulluudhaan in guutamtu" jechuu isaa arganii hin beekne qulqulleeffachuudha. Jiraachuu isaatiif yaada dimshaashaa irra ga'aniiru, hiika mataa isaanii itti kennuudhaanis akka waan akkas jedhuu godhaniiru, CAAFFANNI QULQULLA'AAN GARUU SANA HIN JEDHU. Yesuusis gonkumaa akkas jedhee hin beeku.

Amma Yohannis 7:37-39tti ilaalaa, hubannoodhaanis dubbisaa.

*"Guyyaan dhuma ayyaanichaa guyyoota sana hundumaa irra caalaa guddaa ture; guyyaa sanatti Yesus ka'ee dhaabatee, sagalee isaa ol fudhatee, Namni dheebote yoo jiraate gara koo haa dhufu, haa dhugus.*

*Namni anatti amanu akkasuma haa godhu! Macaafni akkuma dubbate, 'Yaa'aan bishaan jiraataa garaa isaa keessaa in burqa' jedhe.*

*Inni dubbii kana waa'ee HAFUURA QULQULLUU, isa warri isatti amanan fudhachuuf jiraniif dubbate; inni iddoo ulfina isaatti waan ol hin fudhataminiif, hafuurri qulqulluun amma iyyuu hin kennamne ture."*

Amma asitti, namni amane tokko amantiidhaan gara Yesuus dhufee yeroo dhugu laggeen bishaan jireenyaa isa keessaa burqu akka qabaatu ifaan ifatti cimsee dubbata. Muuxannoo kanas guyyaa

Pheenxeqoosxeetti bu'uura kaa'e.

Amma yaada kana sammuutti qabachuudhaan, Yohannis 4:10 fi 14 haa dubbifnu,

*"Yesus immoo deebiseefii, Kennaa Waaqayyoo utuu beektee, inni 'Bishaan dhugaatii anaaf kenni siin jedhe kuns eenyu akka inni ta'e utuu hubattee, silaa situ isa kadhata, inni immoo bishaan yeroo hundumaa jiraatu siif in kenna ture' jedheen."*

*"Bishaan isa ani kennuufiif jiru irraa inni dhugu garuu, bara baraan hin dheebotu; bishaan inni ani kennuufiif jiru, isa keessatti burqaa (a well) bishaanii isa jireenya bara baraatiif burqu in ta'ao."*

Bishaanuma jireenyaa sanatu eerame, yeroo kanatti garuu yaa'aa bishaanii hin jenne; burqaa bishaanii jedhe malee. Iddoo namoonni dogoggora itti hojjetantu jira. Sababa yaa'aa bishaanii fi burqaa bishaanii jedheef, iddoo tokkotti jireenya baraa baraa isa Hafuurir Qulqulluu kennudha, iddoon kaan, iddoon yaa'aa bishaanii jedhametti immoo (daayinaamiiziimii guddaa waan agarsiisuuf) akka humna 'enduement' tti Hafuura Qulqulluu amma kennamedha jedhanii yaadu. Akkas miti. Inni tokkoo fi tokkuma. Jireenyaa fi human akan kennu Hafuura Qulqulluudha, innis guyyaa gaafa Pheenxeqoosxee bu'e.

Hubannoo dogoggoraa kana kan fide maali? Deebiin isaa, "MUUXANNOO" dha. Muuxannoodhaan deddeebine malee Dubbichaan miti. Muuxannoo akka ulee safaraatti fudhachuu irraa fagaadhaa. Uleen safaraa tokko duwwaatu jira, ulee tokko qofatu jira, innis SAGALICHA. Amma of eeggannoodhaan ilaaluudhaan kana fudhaa. Phexros, "Yaada garaa keessanii geeddaradhaa; cubbuun keessan akka isiniif dhiifamuuf, tokko tokkon keessan Maqaa Yesus Kristositti cuuphamaa" jedhe. Phaawulos, "Erga amantanii Hafuura Qulqulluu fudhattaniittuu?" jedhe. Guutummaan rakkoo keenyaa kunoo kanadha. Namoonni yaada garaa ni geeddaratu, bishaan keessatti ni cuuphamu, GARUU ITTI FUFUUDHAAN HAFUURA QULQULLUU HIN FUDHATAN. HAMMA HAFUURA QULQULLUU FUDHACHUUTTI AMANTU.

Yesusitti amanuun tarkaanfii kallattii sirrii isa gara Hafuura Qulqulluutti geessudha. Namoonni garuu achuma dhaabatanii hafu. Hanga bishaaniitti deemanii sana booda ni dhaabbatu. Ni amanu, sana booda ni dhaabbatu. Macaafni Qulqulluu YEROO amantanitti argattu hin jedhu. "Erga amantanii Hafuura Qulqulluu fudhattaniittuu?" jedha malee. Hiikni sirrii fi jecha jechaatti: "Isin duraan amantanii hafuura qulqulluu fudhattaniittuu?" kan jedhu dha. Namoonni amananii booda ni dhaabatu. Hafuura Qulqulluu gaafa yaada garaa geeddarattanii Isatti amantan hin fudhattan. Itti fuftanii deemuudhaan Hafuura Qulqulluu fudhattu. Argitanii? warra 'Fundamentalist' keenya biratti wanti dogoggora ta'e kanuma. Isaan Pheenxeqoosxee bira utuu hin ga'in waan hafaniif humna hin qaban.

Isaan akka ijoollee Israa'el warra Gibxii keessaa ba'anii Biyya Abdachiifamte utuu hin ga'in hafanii ti. Amma ijoollee Israa'el jajjaboo gara miliyoona lamaatu Gibxii keessaa ba'e. Hundi isaanii walii wajjin deeman, hundi isaanii dinqii Waaqayyoo tokkichuma argan, hundi isaanii mannaa gosuma tokko nyaatan bishaan dhagaa rukutame keessaa yaa'es gosuma dhugan, hundi isaanii guyyaa duumessa halkan immoo utubaa ibiddaa gosuma tokkoon geggeeffaman garuu nama LAMA QOFATU Biyya Abdachiifamte ga'e. AMANAA DHUGAA YKN NAMA DHUGAATTI AMANE KAN TURAN NAMA LAMA QOFA. Sunis sirrii dha sababni isaas Sagalichi warri hafan hunduu sababa amantii dhabuutiin akka du'an nutti hima; sababa amanuu dhabuu isaaniitiinis itti galuu hin dandeenye (Ibroota 3:19). Erga sun akkas ta'ee, erga namnoonni LAMA qofti ITTI GALANII, egaa warri hafan amantoota dhugaa hin turre jechuu dha. Maaltu garaagarummaa uume? Warri Lamaanii Sagalicha biratti hafan. Garaan gaaddota kurnanii Qaardes-Barne'aatti yummuu raafametti, Iyaasuu fi Kaaleb Dubbicha waan amananiif, "Nuyi laficha qabachuu in dandeenya" jedhan malee hin raafamne. Waaqayyo, "Biyya sana isiniif kenneera" jedhee waan tureef akka danda'an beeku turan. Israa'eloonni sun hundinuu humna, gaarummaa fi birmaduu baasuu Waaqayyoo erga arganii booda boqonnaatti hin seenne, kunis fakkeenya Hafuura Qulqulluuti. Kanaafuu, hanga Hafuura Waaqayyoo fudhachuutti kan amanan yeroo ammaa kana baay'ee muraasa akka ta'an hubachuu dandeessu.

Tole, hanga kana dhufneerra. Amma kana caalaa deemuun barbaada, yeroon kana godhus miira wayii akkan namatti kaasu nan beeka. Sun garuu waanan itti gaafatamu miti. Waaqayyoo fi Dubbii Isaa, akkasumas namoota Waaqayyo itti na ergeef itti gaafatamummaan qaba. Waan Inni naaf kennu hundumaa dubbachuuf amanamaa ta'uun qaba.

Yohannis 6:37 fi 44 keessatti akkas jedha,

*"Abbaan koo anaaf kan kennu hundinuu gara koo in dhufa, isa gara koo dhufus an of irraa hin ari'u."*

*"Abbaan inni ana erge yoo isa harkisuu dhaabaate, homtinuu gara koo dhufuu hin danda'u; isa gara koo dhufu immoo ani guyyaa isa dhumaatti du'aa nan kaasa."*

Yohaniis 1:12-13,

*"Hamma isa simataniif immoo ijoollee Waaqayyoo akka ta'aniif aboo isaaniif kenne;*

*isaanis warra maqaa isaatti amananii dha.*

*Isaan kun Waaqayyottii dhalatan malee, dhiigatti yookiis fedha fooniittii yookiis fedha dhiiraattii hin dhalanne.*"

Efesoon 1:4-5,

*"Inni uumamuu biyya lafaa dura iyyuu warra qulqullaa'an, warra isa duratti mudaa hin qabne akka taanuuf, jaalalaan karaa Kristos nu fo'ateera.*

*Waaqayyo, karaa Yesus Kristos ilmaan isaa taanee akka guddifamnuuf, akka fedha isaa isa gaariitti yaadaan nuuf qabeera.*"

Amma waa'ee olaantummaa Waaqayyoo keessa gadi fageenyaan utuu hin seenin (innuu kophaatti kitaaba tokko waan fudhatuuf) akka lakkoofsota kanaatti, Yesus Kiristoos akkuma har'a dhiironni misirroo isaanii filatanitti misirroo Isaa akka filatu akeekuun barbaada. Misirroon tokko har'as dhiira ta'e tokko abbaa manaa godhachuuf ofii hin murteessitu. Lakki obbo. Dhirsa misirrootu dubartii misorroo isaaf taatu murteessee filata. (Yohannis 15:16, *"Isin ana hin fo'anne, anatu isin fo'ate."*)

Amma akka Sagalee Waaqayyootti misirroon utuu biyyi lafaa hin hundeeffamin filatamte. Filaannaa misirroo kanas Inni itti yaadee of dura kaa'atee ture. Efesoon 1:9. Roomaa 9:11 keessattis,

"Waaqayyo waan isatti gaarii fakkaate karaa Kristos itti yaadee of dura kaa'atee ture ammas dhoksaan fedha isaa kun nu biratti akka beekarnu godhe."

Roomaa 9:11 irratti immoo akkas jedha,

*"Akeeki fo'annaa Waaqayyoo dhaabataa akka ta'uuf."*

Karaa biraatiin dubbisuu hin dandeessan. Akeeki garaa, kaayyoon Waaqayyoo inni bara baraa misirroo Ofii Isaatii filate fudhachuu ture, kaayyoon sunis ofuma Isaa keessa ture, kan bara baraa ta'uunis osoo biyyi lafaa hin hundeeffamin dura labsameera.

Amma sirriitti ilaalaa kanas qalbeeffadhaa. Utuu dhukkeen urjii tokkollee hin uumamin dura; Waaqayyo Waaqayyo ta'uu Isaa dura (Waaqayyo mi'a waaqeffannaa waan ta'eef namni isa waaqeffatu hin turre, kanaaf yeroo sanatti sichi Waaqayyo ta'a ture.) Hafuura bara baraa qofa ta'ee beekama, misirroon durumaan sammuu Isaa keessa turte. Eeyyee, isheen akkas turte. Isheen yaada Isaa keessa turte. Yaadni Waaqayyoo sun hoo? Kan bara baraati, akkas mitii?

Yaadonni Waaqayyoo kan bara baraa! Mee "Yaadonni Waaqayyoo kan bara baraatii?" Yoo kana hubachuu dandeessan waan hedduu hubattu. Waaqayyo hundee (essence) fi amalaan (behavior) kan hin jijjiiramne dha. Sana qorannee kanaan dura mirkaneessinee jirra. Waaqayyo dandeettii isaatiin daangaa hin qabu kanaafis Inni akka Waaqayyootti waan hundumaa beekuu qaba. Inni waan hundumaa kan beeku yoo ta'e, amma barachaa hin jiru, Ofii Isaa irraa illee yoo ta'e gorsa hin barbaaadu, yeroo kamiyyuu beekumsa Isaa irratti waa dabalaa hin deemu. Inni beekumsa Isaa irratti waa dabaluu yoo danda'e, waan hundumaa kan beeku miti jechuudha. Wanti hundarra gaariin yeroo tokko tokko jechuu dandeenyu yoo jiraate, Inni sichi ni ta'a jenna ta'a. Garuu sun Caaffata Qulqullaa'oo miti.

Inni waan hundumaa beeka. Inni gonkumaa waa'ee waan tokkoo yaada haaraa qabaatee hin beeku sababiin isaas yaadota Isaa hundumaa yeroo hundumaa qabaataa ture sichis yeroo hundumaa kan qabaatu waan ta'eef, Inni Waaqayyo waan ta'eef jalqabarraa kaasee dhuma isaa beeka. KANAAFUU YAADONNI WAAQAYYOO KAN BARA BARAA TI. ISAAn DHUGAA DHA. Isaan akka pilaanii namni qopheessee gaaf tokko gara wanta qabiyyee fi bifa qabuutti hiikuuf of hakaa qabuu miti, isaan durumaanuu dhugaa fi kan bara baraa, akkasumas dhagna Waaqayyooti malee.

Kun akkamitti akka hojjetu ilaalaa. Waaqayyo yeroo hundumaa yaada Isaa Addaamiif qaba ture. Addaam, akka yaadota Isaatti, ammallee hin ifatti hin baane.

Faarsaa 139:15-16 waa'ee kanaa ibsa xiqqoo wayii isiniif in kenna,

*"Ani dhoksaatti yommuun hojjetame, gadameessa keessatti yommuun tottolfame lafeen koo iyyuu si duraa hin dhokanne.*

*Nama ta'uun koo utuu hin beekamin iji keen a arge, dhaladhee barri jireenya koo lakkaa'amuu utuu hin jalqabin, guyyoonni anaaf yaadaman guutummaatti macaafa kee keessatti caafaman.*"

Sun akkuman jedhe waa'ee Addaam hin barreeffamne garuu yaadni sun sammuu Isaa keessa akka ture, yaadni sun immoo kan bara baraa akka turee fi ifa ba'uu akka qabu yaada fi beekumsa isiniif kenna. Kanaafuu Addaam biyyoo lafaa irraa uumamee yeroo Waaqayyo hafuura jiraataa itti baafatetti yaada Waaqayyoo ifatti ba'e ta'e, yaadonni bara baraa sun amma mul'ataniiru.

Kanaafuu Addaam yeroo biyyoo lafaa irraa fi hafuura jiraataa Waaqayyo itti baafateen uumametti, inni yaada Waaqayyoo ifatti ba;ee mul'ate ta'e, yaadonni bara baraa sunneen amma fooniin mul'atan jechuu dha

Jaarraa hedduu duuba deebinee ilaaluu dandeenya turre. Musee in argina, Ermiyaasiin in argina, Yohannis Cuuphaa in arganna; tokko tokkoon isaanii yaada Waaqayyoo isa bara baraa waqtii isaatti mul'ate dha. Sana booda gara Yesus LOGOS dabarra. Inni YAADAA mudaa hin qabnee fi guutuu ta'ee ibsame waan ta'eef Sagalicha jedhamuun beekame. Sun ISA, bara baraanis AKKASUMA NI TA'A.

Egaa, "Inni uumamuu biyya lafaa dura karaa Kristoos nu fo'ateera" jedha. Kana jechuun umamuu biyya lafaatiin dura Isaa WAJJIN yaadaa fi sammuu Waaqayyoo keessa turre jechuu dha. Kun immoo isa fo'atamaniif madaallii qulqullina BARA BARAA kenna. Sana jalaa ba'uu hin dandeessan.

Mee yaada tokko asitti nan dabala. Dhaloonni uumamaa keenya illee fo'annaa irratti hundaa'a. Ovaariin dubartootaa hanqaaquu baay'ee baay'ee ni uuma. Garuu maaliif yeroo murtaa'e tokkotti hanqaaquun tokko gadi bu'ee kan biraa hin bu'u? Achiis isparmii dhiiraa gidduutti sababa hin beekamneen jarmiin murtaa'e tokko hanqaaquu sanatti kan maxxanu yoo ta'u, kanneen biroon immoo akkuma salphaatti walii isaaniitti maxxanuu danda'u, ykn carraa fooyya'aa utuu qabanii itti hin maxxanin hafanii badu. Kana hunda duuba intelligence tokkotu jira, yoo kana hin ta'in daa'imni sun ilma ykn intala, rifeensa dhiilgee ykn gurraacha, agartuu ifaa ykn gurraachaa fi kkf ta'uu isaa maaltu murteessa. Yaada kana yaada keessa galchuudhaan waa'ee Iyaasuu fi Kaaleb yaadaa mee.

Yesus Yohaannis 6:49 irratti,

> *"Abbootiin keessan lafa onaatti nyaata maannaa' jedhamu nyaatan, haa ta'u iyyuu malee in du'an"* hin jennee?

Warri du'an sun akkuma abbootii namoota Yesus itti dubbachaa tureetti barbaachisoo turan. Isaan ni dhuman, ta'us garuu akkuma Iyaasuu fi Kaaleb akkataa fo'annaa Waaqayyoo keessa karaa Hafuuraa turan isaanis karaa foonii isa keessa turan.

Garuu ittuma fufa. Warri fo'aman kun yaada Waaqayyoo isa bara baraa yeroo isaaniitti fooniin ibsamuu qabu qofa osoo hin taane, warrumti fo'aman kun maqaa biraatiin waamamu.

Roomaa 4:16,

> *"Kanaafis abdichi ayyaana irraa kan ka'e, sanyii isaa hundumaafis kan eegamu akka ta'uuf amantii irra in dhaabate. Kunis warra seera eeguutti qabaman duwwaaf utuu hin ta'in, warra akka Abrahaam amananiifis immoo in eegama;Abrahaam abbaa hunduma keenyaa ti."*

Roomaa 9:7-13,

> *"Sanyii Abrahaam kan ta'e hundinuus ijoollee Abrahaam miti; garuu, 'Yisihaaqiin sanyiin siif in lakkaa'ama' jedhameera.*
>
> *Kunis firooma foonii isa ittiin dhalataniin ijoollee Waaqayyoo ta'u miti, warra abdii Waaqayyootiin dhalatetu sanyii dhugaatti lakkaa'ama malee jechuu dha.*
>
> *Abdichi, 'Yeroo akkasiitti deebi'ee nan dhufa, Saaraanis ilma godhattee na eegdi' kan jedhu ture.*
>
> *Kana duwwaas miti, Ribqaan ilmaan lakkuu nama tokkoof, innis abbaa keenya Yisihaqiif in ulfoofte.*
>
> *Ijoolleen sun utuu hin dhalatin, isaan keessaas tokko illee gaarii yookiis hamaa utuu hin godhin, akeeki fo'annaa Waaqayyoo dhaabataa akka ta'uuf,*
>
> *akka waamicha isaatiitti malee, akka gocha namaatti akka hin taane beeksisuudhaaf, 'Inni angafni isa quxisuudhaaf in hojjeta' jedhamee haadha isaaniitti himamee ture.*
>
> *Akkuma caafame, 'Ani Yaaqoobin nan jaalladhe, Esaawuu garuu nan jibbe' jedhe."*

Galaatiyaa 3:16,

> *"Egaa Waaqayyo Abrahaamii fi hidda isaatiif abdii kenneera; caaffanni qulqulla'aan, akka nama baay'eedhaaf dubbatamutti, 'Hiddoota' hin jedhu, akka nama tokkoof dubbatamutti Hidda' jedha, innis Kristos."*

Galaatiyaa 3:29,

> *"Erga kan Kristos taatanii, yoos isin sanyii Abrahaam; waan Waaqayyo abdachiises in*

*argattu."*

Akkaataa Roomaa 16:4tti sanyii Abrahaam HUNDUMAAF Waaqayyo Abdii Dhugaa akka kenne argina, Phaawulos immoo ofii isaa fi amantoota hundumaa waixinee sana jala galche, sababiin isaa, inni, "Abrahaam abbaa HUNDUMA keenyaa ti" jedhe waan ta'eef. Inni ittuma fufee hiika isaa dhiphisaa deeme qofaa utuu hin ta'in, Galaatiyaa 3 keessatti jechi HIDDA [(SEED) qeenxee] jedhu Yesus ta'uu isaa adda baasee ittiin xumure, ijoollee "hiddichaa" immoo akka ijoollee abdiitti lakkaa'ee, abdicha immoo akka "fo'amuutti" yookiin "Waaqayyoon filatamuutti" lakkaa'e. Kun immoo wanta nuti jechaa turree wajjin tokko. Warri Sanyii Mootii ta'an kun warra Waaqayyo fo'ate; warra yaadaan qabaman, warra durumaan Waaqayyo isaan beeku, yaadaa fi akeeka Isaa keessa warra turanidha.

Afaan baay'ee ifa ta'een Misirroon Kiristoos Dhugaan bara baraan sammuu Waaqayyoo keessa turte, hanga tokkoon tokkoon isaanii yeroo murtaa'etti, waqtii wixineeffametti biqilinanii mul'atanitti kan hin hin mul'anne ta'us. Tokkoon tokkoon miseensaa akkuma biqileen dhagnicha keessatti bakka isaa qabate. Akkasitti misirroon kun jecha jechaatti MISIRROO SANYII SAGALEE DUBBATAMEE ti. Akkasumas bifti ishee dubartii ta'us "dhagna Kiristoos" jedhamti. Isheen isa keessatti dursitee murtooftee waan turteef, madda tokko irraa waan dhufteef, Isaa wajjin bara baraan waan turteef, amma immoo dhagna miseensota baay'ee qabuun Waaqayyoon mul'isaa jirti, yeroo tokko Waaqayyo, Gooftaan Yesuus Kristoos MISEENSA TOKKO keessatti mul'ateera waan ta'eef.

Amma egaa kunoo gara xumuraatti dhufaa jirra. Akkuma Loogoos (Waaqayyo) inni bara baraa Ilma keessatti mul'ate, Yesuuss keessa guutummaan Waaqummaa hunduu qaamaan kan jiraate, Inni bara baraa sunis Abbaa fooniin mul'ate ture, kanaanis maqaa Ilma jedhu argate, nutis akkasuma, bara baraa keessatti Yaadni isaa dabaree keenyaan Sanyii Sagalee Dubbatame kan miseensota hedduu qabu, fooniin kan mul'atu ta'e, yaadonni bara baraa amma fooniin mul'atan sun immoo akkuma nuti akkas jedhamne ilmaan Waaqayyooti. NUTI LAMMATA DHALACHUUDHAAN SANYII TAANE MITI, NUYI SANYII TURRE SABABIIN LAMMATA DHALANNEEFIS KAN FO'ATAME QOFAATU LAMMATA DHALATA WAAN TA'EEFI. Sababni nuti jiraachuu dandeenyuufis SANYII WAAN TAANEEFI. SANYIDHABEESSA keessa wanti jiraatu hin jiru.

Kana of eeggannoodhaan yaadatti qabadhaa. Amma tarkaanfii itti aanu fudhadhaa. Furuu jechuun deebisanii bituu jechuudha. Abbaa qabeenyaa jalqabaatti deebisuudha. Waaqayyo, du'a Isaatiin dhiigni dhangala'e QABEENYA ISAA DEEBISE. Innis Misirroo Sanyii Sagalee Dubbate deebisee bite. "Hoolonni koo Sagalee koo in dhaga'u, isaanis ana duukaa in bu'u."Isin yeroo hundumaa hoolaa turtan. Isin gonkumaa booyyee ykn saree gara hoolaatti jijjiiramte miti. Sun hin danda'amu, gosti sanyii hundaa gosuma isaa waan dhaluuf jijjiiramni sanyummaa hin jiraatu. Akkuma yaada Waaqayyoo keessa turree booda fooniin ibsamnu, guyyaan sagalee dhageenyu, sagalee sana dhaga'uunis Abbaan keenya akka nu waamu hubannu, akkasumas ilmaan ta'uu keenya hubannu dhufuu qaba ture. Sagalee Isaa dhageenyee akkuma ilma badee gale sanaa, "Yaa Abbaa koo, na maari. Ani gara keettin deebi'aa jiraa" jennee boonye.

Namni ilma Waaqayyoo ta'e tokko utuu ilma Isaa ta'uu hin hubatin yeroo dheeraaf taa'uu danda'a. Dhugaa dubbachuuf Kirstaanonni dhugaa hedduun akka seenaa cuucii joobiraa ishee indaaqqoo jalatti hammatamtee yaafamtee ti. Joobirri fakkeenya amanaa dhugaa akka ta'e in beektu. Yeroon isaa yommuu ga'u hanqaaquun iddooqqottii jala turan hunduu in yaafaman. Wucooliin indaaqqoo haadha isaanii wajjin nagaan jiraatu turan, wuciin joobiraa kun garuu sagalee indaaqqottiin yommuu kosii keessaa waa argitu ittiin isaan waamtu qoyyabuu hin dandeenye. Jireenyi inni jiraachuuf dhama'aa ture garuu jireenya wal dha'aa harkatti ta'e. Garuu guyyaa tokko, ol gubbaa qilleensa keessaa haati joobirichaa isheen hanqaaquu sana buufte asii gadi lafarratti isa in barbaaddi turte. Isheen sagalee guddaadhaan hamma iyyitee, hamma sagaleen ishee duudutti isatti iyyitee ol gara isheetti akka inni balali'uuf gaafatte. Inni takkaa iyya joobiraa dhaga'ee hin beeku ture, garuu yeroo jalqabaatiif sagalee garaa isa raasu wayii ol samii keessaa dhaga'e. Ol balali'uuf yaalus garuu in sodaate. Haati isaa qilleensa keessatti akka ishee duukaa b'uuf ammas isa waamte. Inni amma iyyuu akka hin dandeenye deebisee isheetti iyyite. Ammas deebitee akka inni yaaluuf itti iyyiite. Sana booda waamicha haadha isaa fudhatee koola isaa dhadha'atee qilleensa keessa balali'ee ishee wajjin sokke. Hubadhaa inni yeroo hundumaatti joobira ture. Inni yeroodhaaf akka indaaqqoo ta'ee ture, garuu sun isa hin quubsine. Garuu yummuu waamicha joobira guddittii dhaga'etti gara iddoo isaaf maluu dhaqe. Akkuma kana, ilmi Waaqayyoo inni dhugaan yommuu iyya Hafuura Qulqulluu karaa Sagalichaa dhaga'u, innis eenyu akka ta'e baree gara Joobira Raajii Guddaa sanaatti fiigee, Isaa wajjin teessoo waaqarraa irra bara baraan Yesus Kristos keessa in jiraata.

Cuuphaa Hafuura Qulqulluu irratti AMMA GONFOON MO'ICHAA (TRIUMPHAL CAPSTONE) KEENYA IN DHUFA.

Galaatiyaa 4:4-7,

*"Barri murameef sun yeroo guutetti garuu, Waaqayyo ilma isaa erge; innis yeroo ergame dubartii irraa dhalatee, seera jala galfame.*

*Inni warra seera jala jiran furuudhaaf, nuyis ilmaan Waaqayyoo taanee akka guddifamnuuf kana godhe.*

*Isin ilmaan isaa ta'uu keessan agarsiisuudhaaf Waaqayyo haruura ilma isaa isa, 'Abbaa Abbaa' jedhee waammatu garaa keenya keessatti erge.*

*Egaa ati si'achi karaa Waaqayyoo garbicha miti, ilma malee; erga ilma taatees qabeenya abbaa keetti darbitee argachuuf jirta.*"

Kunoo akkasi. Yesus Krisos ni dhufe, fonnoo irrattis ni du'e, kanaanis Furamuutti (karaa bittaatiin yookiin gatii ittii baasee abbaa qabeenya duraatiif deebise) xumura godhe. Kanaais IDDOO ILMAANII NU KAA'E. Inni ilmaan nu hin goone, nuyi durumaanuu ilmaan Isaa turre, Inni iddoo ilmaanii fuudhee nu kaa'e; maaliif jennaan, hamma biyya lafaa keessa turretti, hamma jireenya foonii keessa turretti ilmaan Isaa ta'uu keenya hin beeknu turre waan ta'eef. Nuyi hidhaa seexanaa keessa turre. Ta'us garuu nuyi ilmaan isaa turre. Mee kanas dhaga'aa: ISIN ILMAAN ISAA TA'UU KEESSAN ARGISIISSUUDHAAF, WAAQAYYO HAFUURA ILMA ISAA ISA, "ABBAA, ABBAA" JEDHEE WAAMMATU GARAA KEENYA KEESSATTI ERGE. Guyyaa Pheenxeqoosteetti Hafuurri Qulqulluun eenyu irra bu'e? Ilmaan Isaa. Qorontositti hoo? Erga DUBBII WAAQAYYOO DHAGA'ANII booda ilmaan Isaa irra bu'e.

Hafuura Qulqullun Cuuphamuun maali? Hafuurichaan dhagan Kristositti Cuuphamuu jechuu dha. Innis lammata dhalachuu dha. Inni, erga Dubbii Waaqayyoo dhageessanii yaada garaa geeddarattanii booda, Waaqayyo duratti yaada gaarii qabaachuu keessaniif deebii akka ta'utti cuuphaa bishaaniitiinis erga cuuphamtanii booda Hafuura Waaqayyoo Isa si keessa dhufee si guutu dha.

Doktriinii waa'ee tokkummaa Waaqummaa irratti hunduu amaneera yoo ta'e, wanti nuyi amma tarreessaa turre akka salphaatti Isa hubachuuf nu gargaara. Waaqummaa (Godhead) keessa qaamonni sadii hin jiran, qaama TOKKO malee. Kanaafuu nuyi Hafuurri Jireenya Yesuus nu keessa dhufee lammata dhalannee, sanatti fufuudhaan immoo Hafuurri Qulqulluun humna akka nuuf kennuuf lammata dhalanne miti. Utuu kun dhugaa ta'ee, silaa fayyina guutuu Abbaan nuuf kenneef maaliif ga'ee Isaa dhowwachuudhaan ulfina Isa dhowwannaree; sababiin isaa fayyinni kan Gooftaa erga ta'ee, Gooftaan sadii immoo erga jiraatee, Innis (Abbaanis) waan godhu tokko qabaachuu qaba ture. Garuu, dhuguman isiniin jedhaa, Yesuus waa'ee kanaa ifatti qulqulleessee akka dubbate ilaaluu dandeenya, innis, Innii fi Inni qofti Waaqayyoon akka ta'e, Innii fi Inni qofti gara amantootaa akka dhufu dubbate.

Yohannis 14:16 akka jedhutti, Abbaan, kan biraa kan isaaniif dubbatu (kan isaan jajjabeessu), isaaniif akka kennu dubbata.

Lakkoofsa 17 irratti garuu, Inni (Yesus) isaan keessa akka jiraataa jiruu fi sichis deebi'ee isaanii wajjin akka jiraatu isaanitti dubbate.

Lakkoofsa 18 irratti immoo Inni (Yesus) gara isaanii akka dhufuuf jiru dubata.

Lakkoofsa 23 irratti yommuu bartootatti dubbatetti akkas jedhe, "Nuyi (Abbaa fi Ilmi) isa bira in dhufna" jedha. Kanaafuu Abbaa, Ilmaa fi Hafuura Qulqulluutu QAAMA TOKKO ta'ee Waaqummaa (Godhead) uumuudhaan wal faana dhufa jechuu dha. Dhufaatiin sun guyyaa Pheenxeqoosteetti raawwate. Yeroon dhufaatii Hafuurichaa lama miti, tokkuma malee. Rakkoon jiru garuu namooonii dhugaa jiru hin hubatan; isaan salphisaniidhuma dhiifamuu cubbuutiif Yesusiiti amanu, garuu immoo Hafuuricha fudhachuuf adeemsa itti hin fufan.

Utuun mata duree kana hin xumurin, sammuu keessan keessa gaaffiin akka deddebi'u nan beeka. Doktriinii pirii egziistaansii (doctrine of pre existence) ni amanaa laata naan jettu ta'a. Doktriinii warra Mormon sanatti ani hin amanu, sanaa mannaa dokrtiinii riinkaarneeshiiniitti (reincarnation) amanuu naaf wayya, hin amanuuf malee. Asitti of eeggannoodhaan kana ilaalaa. Namatu uumamuu biyya lafaatiin dura Waaqayyo biraa dhufa miti, SAGALICHA, SANYII dha malee. Akka kana. Bara fagoo dura, bara sammuun namaa waa qabachuuf qophaa'aan hin ta'in dura, yeroo Waaqayyo bara baraa yaada bara baraa wajjin jiru sana, yaadatu, "ANI YAAQOOBIN NAN JAALLADHE, ESAAWUU GARUU NAN JIBBE" jedhee labsame.

(Roomaa 9:13)

"IJOOLLEEN SUN UTUU HIN DHALATIN, ISAAN KEESSAAS TOKKO ILLEE GAARII YOOKIIN HAMAA UTUU HIN GODHIN."

Hubadhaa, inni YAADA ture, yaadatu gara mul'achuutti dhufe, Waaqayyos Yaaqoob bitee deebise, sababiin isaa Yaaqoob qofaatu SANYII ture. Yaaqoob qofatu sanyii qaba ture; kanaafi kan angafummaa fi kakuun Waaqayyo isaaf qabu kan kabajameef. Isin ija sanyii dhugaa yoo taatan Sagalicha in dhageessu; Hafuurri Qulqulluun immoo dhagna Kristositti isin cuupha, isin guuta isin humneessas, Sagalee guyyaa fi bara keessaniif ergames in fudhattu. Ragaa mirkaneeffannaa dhugaatiin yommuu Sagalichi isinitti mul'ifamu akka ifaa ta'e argitanii? Ammas, hubadhaa, Yesus Sanyii Mootii ture. Inni dhagna namaa keessa jiraate. Yommuu Hafuurri Qulqulluun Isa waame (Sagalichi-Yaadni Ifatti Baafamee Mul'ifame), Yordaanosiin bu'ee achitti bishaaniin cuuphame. Sagalichaaf abboomamuu Isaatiif Hafuurri Qulqulluun Isa irra dhufe, sagaleen, "Kun ilma koo isa ani jaalladhu, isa dhaga'aa!" jedhe. Sagalichi, "Kun ilma koo ta'eera" hin jenne; Yesus durumaan tokkicha Ilma Waaqayyoo TURE. Hafuurri Qulqulluun hunduma isaanii

dura iddoo Ilmaa Isa kaa'e. Sana booda, akkasitti erga guutamee booda (akkuma gaafa guyyaa Pheenxeqoosteetti ta'ee fi akkuma isa isaa asitti ta'eetti), humna mul'isaa, mul'ata Waaqayyoo guyyoota sanaaf qabu guutuutti fudhachaa deeme.

Amma walitti fuufiinsaan dubbachaa kan turre waa'ee mirkaneeffannaa Hafuura Qulqulluudhaan cuuphamuu yommuu ta'u, innis amanaan tokko Dubbii Waaqayyoo bara inni keessa jiraatuuf ergame yommuu fudhatu jechuu dha. Mee caalaatti ifa godheen isin hubachiisa.

Baroonni torban Mul'ata boqonnaa 2 fi 3 keessatti argaman yeroo walii gaalaa kan Guutiinsa Warra Yuhodoota hin ta'in itti fudhatuu dha, yookiin yeroo walii galaa kan Waaqayyo warra Saba Yihudoota hin ta'in fayyisuuf ittiin hojjetu dha. Bara baaqqee hundumaa keessatti, hafa tokko malee, baniinsaa fi cufiinsa ergaa tokkoon tokkoon baraa keessatti jecha wal fakkaataa jedhe. “Gara ergamaa (Efesoonitti, Simiirnaatti, Phergamoonitti, Tiyaatiraatti, Saardesitti, Filaadelfiyaatti, Laa'odiiqeyaatti) Ergaa kana Isatu jedhe jedhii barreessi.” “Namni gurra qabu (akka nama qeenxeetti dubbatame) isa Hafuurri Qulqulluun waldoota kristaanaatiin jedhu haa dhaga'u.” As irratti hubadhaa, Yesus bara hundumaa keessatti Yesus Sagalee Isaa NAMA TOKKO qofaatti kennaa ture. Tokko tokkoo baraa keessatti ergamaa TOKKO qofaatu waan Hafuurri Qulqulluun ittiin jedhu fudhata, ERGAMAAN TOKKICHI sunis ergamaa waldaa dhugaa bara sanaa ti. Inni mul'ata Waaqayyo isaa kenneen “waldoota kristaanaatti” dubbatta; ishee dhugaattis ishee sobaattis. Ergichis sana booda gara nama hundumaatti tamsa'a. Dheerina bara yeroo sanaa keessatti kan argaman hundumaaf ergichi haa ta'amsa'u iyyuu malee, ergichi namoota garee namoota dhuunfaa kanneen adda ba'antu fudhata. Tokko tokkoo nama dhuunfaa garee sana keessaa, nama dandeettii waan Hafuurri Qulqulluun karaa ergamichaa dubbatu dhaga'uu qabuu ti. Jarri dhaga'an kun mul'ata dhuunfaa isaanii argatu miti, yookiis gareedhaan mul'anni kennamaaf miti, TOKKO TOKKOON NAMAA WAAN ERGAMAAN SUN DURAANDURSEE WAAQAYYO HARKAA FUDHATE DHAGA'AA JIRA, FUDHATAAS JIRA.

Phaawuloos dhimma kana harka Waaqayyoo jala galcheera waan ta'eef, kun akka waan haaraa ta'e tokkootti isin hin yaachisin. Akkuma dura dhaabannaa ergamoota kaaniitiin amanametti, Phaawulos Raajii Ergamaa warra Saba Waaqayyoo hin ta'inii kan bara sanaa ture, Ergamaan bara sanaa isa duwwaa ture. Akkasumas fakkeenya dhugaa Dubbii Waaqayyoo keessaatiinis hubadhaa, yeroo Phaawulos gara biyya Asiyaa deemuu barbaadetti, hoolonni (ijoolleen Isaa) Meqedooniyaa waan jiraniif, warri Meqedooniyaa jiran waan Hafuurri Qulqulluu karaa Phaawulos jedhu waan dhaga'aniif, warri Asiyaa immoo waan isa hin dhageenyeef, Waaqayyo garas akka hin deemne isa dhowwe.

Baroota hundumaa keessatti haaluma wal fakkaatu argina. Kanaafi egaa kan ifti karaa ergamaa Waaqayyo kenneetiin naannoo murtaa'e tokkotti dhufu. Ifichis booda ergamaa sana irraa karaa tajaajiltoota amanamoo barsiifamaniitiin in tamsa'a. Garuu, eeyyee namoonni deemanii tajaajilan kun yeroo hundumaa attamitti akka waan ergamaan dubbate DUWWAA akka barsiisuu qaban beekuun barbaachisaa dha. (Yaadadhaa, Namoonni waan inni jedhee barsiise duwwaa akka jechuu qaban Phaawuls akeekkachiisee ture, 1Qoronto 14:37, “Namni tokko, nama waan Waaqayyo isatti mul'ise himu yookiis nama kennaa hafuuraa argate yoo of se'e, wanti ani isiniif caafu kun ABBOOMMII ISA KAN GOOFTICHAA ta'uu isaa haa beeku!” “Attam inni? Dubbiin Waaqayyoo isin biraa ba'e moo? Yookiis isinuma duwwaa bira ga'e ree?”) Isaan asitti itti dabalu, achitti irraa hir'isu, sanumaan ergichi utuma xiqqoo hin deemin qulqullinni isaa bada, haaromsi hafuuraas du'aa deema. Jabeessinee of eeggannoodhaan sagalee TOKKO duwwaa dhaga'uu qabna. Hafuurri Qulqulluu sagalee tokko qofa qaba, innis sagalee Waaqayyoo ti. Phaawulos waan ofii dubbate duwwaa akka dubbatan isaan akeekkachiise, Phexrosis akkasuma. ISUMA ILLEE YOO TA'E (PHAWULOS) waan mul'ataan isaaf kenname keessaa jecha tokko illee jijjiiruu akka hin dandeenye akeekkachiise. Oo, sagalee waamichaa Waaqayyo karaa ergamoota Isaa godhu dhaga'anii waan waldoota kristaaniitti dubbadhaa jedhaman dabarsanii dubbachuun attam barbaachisaa dha.

Amma hubachuu jalqabaa jirtu jedheen abadadha. Tarii amma sababan warra Fandaamentaalistii fi warra Pheenxeqoostaalii wajjin hin dhaabanneef hubachuu dandeessu. Akkaataa Gooftaan itti natti kennetti Sagalichaa wajjin dhaabachuutu narra jira. Amma guutummaatti hin xumuru. Inni kun kitaaba biraa barbaada, garuu gargaarsa Gooftaatiin gara fuulduraatti lallabaa fi ergaa waraabbii sagalee hedduu yaadota ijoo Caaffata Qulqulla'aa keessaa hubachuu qabdan irratti isin biraan nan ga'a.

“Namni gurra qabu, isa Hafuurri Qulqulluun waldoota Kristaanaa tokkoon tokkoon baraatiin jedhu haa dhaga'u!” Tokkoon tokkoon baraa keessatti sagalee wal fakkaataa dha. Waan Hafuurri Qulqulluun jedhu dhaga'aa. Kristaana yoo taatan, gara isa Hafuurri Qulqulluun barsiisuutti deebi'aa, innis, Dubbii Waaqayyoo kan bara kanaa ti. Tokko tokkoon ergamaa bara hundaa Dubbiidhuma Waaqayyoo kana lallaban. Haaromsi hafuuraa haaraan sababa namoonni Sagalee bara keessa jiranii argataniifi dha. Iyyi bara hundumaa ifannaa, “Dubbii Waaqayyoo dhiifteetta. Yaada garaa kee geeddaradhu, gara Dubbii Waaqayyoottis deebi'i” jedhu dha. Kutaa Macaafa Qulqulluu isa jalqabaa (Seera Uumamaa) irraa jalqabee hanga Kitaaba xumuraa (Mul'ata Yohannis) tti wanti Waaqayyo itti hin gammadne waan tokko duwwaa dha, innis, Dubbii Isaa dhiisuudha; akkasumas karaan ittiin araara Isaa argatan immoo, gara Dubbii Isaatti deebi'uu dha.

Bara Efesoonitti, bara kanattis, bara gara fuula duraatti waliin barachuuf jirru hundumaa keessattis kun dhugaa akka ta'e in agarra. Bara dhumaa isa amma keessa jiraachaa jirru keessattis, Dubbiin Waaqayyoo dhiifamuuf jira, rakkina guddaa fi amantiif jedhamanii guutummaatti jibbamuunis dhufuuf jira.

Yoo sanyii dhugaa taatan, yoo dhuguma Hafuura Qulqulluudhaan cuuphamtaniittus ta'e biddeen keessan isa caalu Dubbii Isaa in soorattu, Dubbii afaan Waaqayyoo keessa ba'u HUNDUMAANIS in jiraattu.

Kunis hunduma keenyaaf kadhannaa koo isa angafaa ti; adaraa Dubbii Waaqayyoo isa Hafuurri Qulqulluun bara kanatti nuuf fide haa dhageenyu.

MESSAGE hub online
www.messagehub.info

Kan Lallabame

Wiiliyaam Maariyoon Biraanhaamiin

"Bara malakanni... afuufamutti garuu..." Mul. 10:7